



“Hoggansi jijjiiramaa aangootti kan dhufe dhimma gulantaa qabsoo sabaa itti aanurratti, hubannoo guutuu hidhateeti”

Kutaa Qophiitiin

Hoggansi jijjiiramaa aangootti kan dhufe, dhimmoota gulantaa qabsoo sabaa itti aanurratti hubannoo guutuu hidhachuun ta'uu Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsaniiru.

Pirezidaanti Shimallis ergaa karaa miidiyaa hawaasummaasaaniin dabarsaniin akka jedhanitti Qabsoon jijjiirama kana argamsiise, gulantaa qabsoo ummatichaa, ta'uu irraa gara gochuuti kan ceesisedha jedhan.

Bifuma kanaan, galmoota gochaa, gulantaa qabsoon sabichaa amma irraa gaherraa maddan sadii adda baasee milkeessuf waadaa kan gale ta'uu ibsanii, isaanis, akkuma yeroo mara ibsamu, sirna ititaa ijaaruu, dhaloota saayinsiifi teknoolojiin dorgomaa ta'e horachuufi ummata dinagdeen



Pire. MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

hojiileen qonna, barnoota, industirii manufaakchariingii, tuurizimii, qusannaafi liqii, eegumsaafi kunuunsa qabeenya umamaafi kanneen kana fakkaatanirratti raawwataman, abdii guddaa kan namatti horan ta'uu ibsaniiru.

Mootummaan, gara fuulduraattis, gama tokkoon muxxannoo adeemsa kanaan argame qindeessee caalmaatti kan socho'u ta'uu isiniifan mirkaneessa jedhanii, gama biraatiin, humnoota adda addaa hanga ammaa faallaa gulantaa qabsoo ummatichaa dhaabbataniif dhaamsan qabu dabarsuun barbaada kan jedhan Obbo Shimallis “har’a, waa’ee mirga eenyummaa (Oromoo ta’uu) lallabuun, ummata kanaaf bu’aa tokkollee kan hinbuusne qofa osoo hintaane, humna dhimma kanaaf ‘qabsaa’us’ sabboonummaa **Gara fuula 14tti**

Suurri: faayila keessaa

ga'oome umuu ta'uu eeraniiru.

Filannoo booda ammoo, waadaa galmoota qabsoo gochaa gaafatan kanneen milkeessuf gale eeguf, sochiilee babal'dhaa taasiseera. Gama kanaan,

Barattoota ciccimoofi dorgomoo ta'an horachuuf dhaabbilee barnoota olaanoo waliin qindoominaan hojjetaa jiraachuu Biiroo Barnoota Oromiyaa ibse

Kutaa Qophiitiin

Naannoo Oromiyaatti barattoota ciccimoofi dorgomoo ta'an horachuuf dhaabbilee barnoota olaanoo waliin qindoominaan hojjetaa jiraachuu Biiroon Barnoota Oromiyaa ibseera.

Biirichi Yuunivarsiitii Meetiroopolitaanii Kotobee walii galtee hojii walii mallatteesseera.

Walii galtee kanas Hogganaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa Dr.Tolaa Bariisoo Pirezdaantii Yuunivarsitichaa Dr. Birhaanamasqal Xannaatu mallatteesse.

Hogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Dr.Tolaa Bariisoo, walii galteen mallattaa'e barattoota ciccimoofi dorgomoo ta'an horachu keessatti gahee guddaa qabaachuu eeran.

Yuunivarsitichi addatti barattoota sadarkaa 2ffaa kan barsiisu ta'uu himuun manneen barnootaa Bultii Addaa torba naannichatti barsiisaa



jiran qabnu waliin dabalamee barattoota gahumsa qaban horachu keessatti gahee qabaa jedhan.

Kana malees qo'annoofi qorannoo gaggeessuuf, rakkoo qormaata waliin jiru furuufi sirna barnootaa cimsuu keessatti gahee guddaa qabas jedhan.

Biiroo Barnootaa Oromiyaas wantoota atooma kana keessatti eeraman hojiirra oolchuuf qophii ta'uus dubbatan.

Pirezdaantiin Yuunivarsiitii Meetiroopolitaanii Kotobee Dr.Birhaanamasqal Xannaa, atoomni hojii taasifame qo'annoofi qorannoo rakkoo furuu **Gara fuula 14tti**

Biiroon Daandiiwwaniifi Loojistiksii Oromiyaa raawwii hojii hanga ammaatti jiru qorate

Oliifan Raggaasaatiin

Biiroon Daandiiwwaniifi Loojistiksii Oromiyaa raawwii hojii daandiifi riqaaalee buleeyyii ta'anii naannichatti bara bajataa 2016 hojjatamaa jiranii bakka hoggantootaafi oggeessonni biirichaa, gorsitoonniifi kontiraaktaroonni argamanitti kamisa darbe qorateera.

Hogganaa Itti Aanaafi Gaggeessaa Damee Misooma Daandii biirichaa Injinar Mahammad Nuur, saganticharratti akka jedhanitti gamaggamni kun cimnaafi hanqinaalee hojii pirojeektota daandiifi riqaaalee keessatti mul'atan adda baasuun ji'oota sadan dhufan keessatti xumursiisuun faayidaa ummataaf akka oolan taasisuu kan kaayyeffateedha jedhan.

N a a n n o o Gara fuula 14tti

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata

Gumaata



Beekumsa Xabboo Uummanni Oromoo gama qoricha aadaan qabu hangam quba qabdu?



Qorichi ammayyaan tajaajilarra ooluusaatiin dura hawaasni qoricha aadaatti fayyadamaa akka ture ragaaleen ni ibsu.

Dhalli namaa jiruufi jireenyasaa keessatti dhibeerraa of baraaruuuf carraaqii hedduu taasisaa tureera. Qorichi aadaa baala, hidda mukaafi qaama bineessotaarraa walitti qabamee akkanni qophaa’u maanguddoonniifi ragaaleen ni ibsu.

Dhukkuboonni qoricha ammayyaatiin fayyisuu hin dandeenye tokko tokko qoricha aadaatiin fayyuu akka danda'anillee maanguddoonni ragaa bahu. Qorichoonni aadaa qoricha ammayyaa qopheessuufillee akka galteetti akka tajaajilan ragaaleen ni ibsu.

Dhibeewwan garaa garaa wal’aanuuf qoricha aadaafi

qoricha amayyaa wal cinaatti fayyadamuun akka danda'amu ragaan Dhaabbata Fayyaa Adduunyaarraa arganne ni mul’isa.

Biyyoota adduunyaa keessaa Indiyaan harka 80 ol qoricha aadaafi qoricha amayyaa wal cina akka fayyadaman ragaan ni ibsa. Oromoon beekumsa qoricha aadaa kan qabuufi naannoo jaarraa 15’ffaa irraa eegale dhimma itti bahaa akka turee ragaaleen ni mul’isu.

Dhibeewwan garaa garaarraa of ittisuuf, yoo dhukkubsates irraa of baraaruuuf qoricha aadaatti dhimma bahaa tureera. Oromiyaa keessa biqiltuu qorichummaaf olaan sanyii 6500 ol akka jiran qo’annoon ni ibsa.

Haata’u malee, qorichi ammayyaa babal’achuu, qoricha ammayyaatiif xiyyeeffannoo kennuufi bu’aa qoricha aadaa beekuu dhabuurraa kan ka’e biqiloonni qorichummaaf oolaa turan sababoota adda addaatiin dagatamaafi badaa akka jiran taajjabuun ni danda’ama.

Rakkoo gama kanaan jiru furuuf Yunivarsiitiin Dambi Doolloo biqilloota tajaajila qoricha aadaaf oolaa turan 50 ol badii irraa baraaruuuf walitti qabuun, misoomsuun qorannoo irrati geggeessaa akka jiru ragaan Yuunivarsiiticharraa arganne ni ibsa.

Qoricha aadaafi ammayyaa wal bira tajaajilarra oolchuun akkaataa danda’amu irrattis qorannoo gaggeessaa jira. Bu’aa qorannoorraa ka’uun qorichoota aadaa amayyeessuun tajaajilaaf olchuuf karoorfamee

Milkaa’uuf

- Maallaqni meeshaadha malee galma miti. Maallaqni mala kaayyoo tokkoof malee mataasaatiin kaayyoo miti. Wantoota gurguddoo galmaan ga’uuf itti fayyadamna malee madda gammachuu isa qofeessa ykn guutummaa hin ta’u.
- Qabeenyi dhugaan qarshii qofa miti. Qabeenyi dhugaan wantoota akka fayyaa, hariiroofi miira kaayyoo of keessatti qabata. Wantoonni dhuguma gammachuu namaa kennan isaan kana.
- Furtuun milkaa’inaa maallaqaa, beekumsaafi hojii cimaadha. Maallaqni sitti dhufa jettee teessee qofa eeguu hin dandeessu. Waa’ee faayinaansii barachuuf fedhii qabaachuufi kaayyoo kee galmaan ga’uuf cimtee hojjechuu qabda.
- Yaadni kee barbaachisaadha. Akkaataan ati waa’ee maallaqaa itti yaaddu milkaa’ina maallaqaa keerratti dhiibbaa guddaa qabaata. Yoo yaada gadhee qabaatte carraan kufaatii kee guddaadha.
- Karoora qabaachuu qabda. Yeroo faayinaansii kee ilaaltu qofa baallee hin

hin baasiin. Taa’ii akkaataa kaayyoo kee galmaan ga’uuf itti deemtu karoora baafadhu.

- Naamusa qabaachuu! Maallaqa yoo ilaalle karaarraa maquun salphaadha. Milkaa’uu yoo barbaadde garuu naamusa qabaachuufi karoora keerratti cichuu qabda.
- Deebisii kenni! Milkaa’ina maallaqaa argachuuf karaaleen gaariin tokko namoota biroof deebisanii kennuudha. Yeroo nama gargaartu ofis gargaraa jirta.
- Balaa fudhachuu hin sodaatiinaa. Wantoota gurguddoo galmaan gahuu yoo barbaadde balaa fudhachuuf fedhii qabaachuu qabda. Garuu of eeggannoo hin godhinaa jechuu miti.
- Obsa qabaadhu! Milkaa’ina maallaqaa argachuuf yeroo fudhata. Hatattamaan bu’aa yoo hin argiin abdii hin kutatiin. Cimtee hojjechuu qofa itti fufi, dhumarratti galma kee bira ni geessa.

Roobeeraa Qannoo, Waajjira Kominikeeshinii Magaalaa Dambidoolloorraa

Gorsa-Waa sadiin

☞ **Waa sadii jireenya namaaf dirqama**

Hojii

Naamusa

Kabaja

☞ **Jaarsummaan waa sadii qaba**

Gorsuu

Obsuu

Dhoksuu

☞ **Waa sadii yeroo hunda hojii kee godhadhu**

Barnoota

Ogummaa

Nyaata madaalamaa

☞ **Waa sadiitti fayyadami**

Yeroo

Beekumsa

Qarshii

☞ **Addunyaan waa sadii qabdi**

Dhalachuu

Barachuu

Du’uu

☞ **Waa sadii ta'uuf yaali**

Beekaa

Arjaa

Amanamaa

☞ **Waa sadii dhiisuuf yaali**

Abdii kutachuu

Badii hojjechuu

Nama tuffachuu

☞ **Waa sadii to'achuuf yaali**


Arraba kee

Amala kee

Fedhii kee

Kanan dubbiserraa Abrahaam Mangistuu, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Qilxuu Kaarraarraa

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Mootummaan waadaa uummtaaf gale gochaan mirkaneessaa jira!

Mootummaa jijjiiramaa biyyi keenya Itoophiyaafi sabaafi sablammoonni uummanni ishee jireenya gadadoofi hirkatummaa waggaa hedduuf uummata addunyaa biratti ittiin beekamturraa gara jireenya qannoofi bdhaadhina hunda galeessaatti ceesisuuf waadaa galuun tarsiimoo adda adda baasuu, hojilee namarratti xiyyeeffatan hojjechuu, kabaja lammilee eegsisuufi badhaadhina maatii mirkaneessuuf inisheetivii garaagaraa bocuun hojjetaa tureera.

Keessattu mootummaan gaaffii uummatni Oromoo gaaffachaa tureefi dhiibbaa adda addaa isarra qaqqabaa turerraa dandamachiisuuf hojii bal’aafi qindaa’aan hojjetamaa jira. Kunimmoo waadaa kanaan dura galame gochatti jijjiiruura darbee aantummaafi kutannoon mootummaan qabu kan agarsiisuudha. Waggota lamaafi walakkaa sagalee ummataatiin Paartiin Badhaadhinaa mootummaa hundeessee eegalee qormaata gara carraatti jijjiiruuf tarkaanfiwwan gurguddoon gama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaatiin fudhatamaniiru.

Kunimmoo akkuma salphaatti osoo hintaane waadaa galame kana gufachiisuuf shira walxaxaa keessaafi alaan qindaa’ee biyyattiitti qaaxxa’aa ture fashaleessaa, carraatti jijjiiraafi miira xiiqii qabatameen asgahe, darbees boru bakka yaadame badhaadhina kaayyeeffate gahama.

Maarree mootummaan waggoota muraasa erga aangoo sagalee mootummaan gonafate jalqabee hojileen gurguddoon qonnarraatti, barnootarraatti, dagaagina saayinsiifi teekinoolojiirratti, bu’uuraalee misoomaa adda addaarraatti, Uummata Oromoo gara magaalaatti hojii keessa akka galuufi magaalonna Oromiyaa Oromoo akka fakkaattuu qonnaan bulaa akka hammattuufi irraas akka fayyadamaa ta’amuuf hojjiin bal’aan hojjetamaa tureera.

Kanaanis manneen barnootaa Ifa Boruu, Bu’ura Boruufi Bultii Addaa ijaarsisuun lammii tarsiimoo baatuu waan haaraa kalaquufi egeree biyyaa murteessuu horachuu danda’uuf hojjetamaa tureera, hojjetamaas jira. Gama qonnaanis Wabii nyaataa mirkaneeffachuuf hojii xiiqiin hojjetameen yeroo ammaa Bonaa Ganna oomishuu, qonna damdaneessa taasisuun harka biyyoota alaa jalaa bahuun ofiifuu gara alaatti erguurratti (keessattuu qamadii) argama. Kunimmoo waadaa gochaan mul’ataa jiruudha.

Magaalummaa waliin walqabatee misoomni magaalaa biyya kanaa kan uummata baadiyyaa hammattu osoo hin taane kan buqqistuufi alagoomsitu ture. Kana mootummaan jijjiiramaa akkuma waadaa gale magaalonna wayita guddataniifi misooman kan qonnaan bulaa naannoo buqqisuufi alagoomsu osoo hin taane kan waliin guddatu akka ta’u hojjetaa jira. Keessattu qonnaan bulaa Oromoo magaalaasaarraa buqqa’aa tureefi lafasaarratti alagoome caalaattuu Magaalaa Finfinneetti deebisuu magaalaa aadaasaa fakkaattuufi eenyummaasaa calaqqisiistu akka taatu xiyyeefatamaa jira.

Bu’uuruma kanaan, yaadama haaraa magaalummaa beeksisuun ummaticha magaalaatti madaqsuu, akkasumas carraa jiru hundarraa fayyadamaa taasisuuf xiyyeeffannaa olaanadhaan hojjechuu irratti argama.

Giddugala Leenjii Aartii Oromoo, Giddugala Qophiifi Nyaata Aadaa Oromoo, Giddugala Gabaafi Agarsiisa Meeshaalee Aadaa Oromoo, Baankii Siinqee, Gamoolee Gaaddisafi Hir’pha (Buusaa Gonofaa Oromiyaa), Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Komishinii Poolisii Oromiyaa, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, ‘OBN Midea Complex’, Intarpiraayizii Sanyii Filatamaa Oromiyaafi intarpiraayizoota mootummaa adda addaa tarreessuu dandeenya.

Kanaaf mootummaan jijjiiramaa waadaa uummataaf gale lakkaa’ee gochatti hiikuurratti argama waanta’eef uummannis mootummaa wajjiin xiiqiin dhaabbachuu qaba!

Raawwii hojii Mana Murtii. . .

murtii naamuusa isaaniitiin sadarkeessuun bara darbe hojjetamaa ture irra deebiin qulqulleessuuf xiinxala gaggeeffame bu’uureffachuun manneen murtii magaalotaa irraatti ramaddii irra deebiifi kanneen haaraa hundeeffaman irratti hojii irra akka oolu taasifamee jira.

Dagaagina naamuusaa ilaalchisee hubnnoon sadarkaa manneen murtii jalaatti namoota 6,563, sadarkaa MMWtti namoota 587 walumatti namoota 7,150f kenname jira. Hojiin dagaagina naamusaa dursi kennameefii hojjetamaa jiru akkuma jirutti ta’ee, aangoofi gahee hojii seeraan kenname qixa barbaadamuun raawwachuu irratti hanqinoota sadarkaa hundatti mul’atan sirreessuuf hordoffiifi deeggarsi taasifamaa jira.

Hojiin sirna diriirsuu, hubannoo uumuu, hojii irra oolchuu akkuma jirutti ta’ee bakka hanqinni mul’atetti hojiin itti gaafatamummaa mirkaneessaa deemuufi tarkaanfii fudhachuu hojjetamaa jira. Gama biraatiin, sadarkaa MMWOtti komiin badii naamuusaa karaa waajjira naamuusaafi inispeekshiniif dhihaatan 43 keessaa 27 irratti qulqulla’ee jiru yoo ta’u, dhimmoonni 16 aangoo godinaa waan ta’eef gara gumii godinaatti deebi’ee jira. Komiiwwan 19 hin himachiisu jedhame komiin 3 adeemsa irra jira. Sadarkaa garee gumii waliigalaatti sochiin galmees himata badii naamusaa ilaalchisee akka armaan gadiitti taa’ee jira:

Walumaagalatti, sadarkaa MMWOtti garee gumii waliigalaatiin galmeen badii naamuusaa baay’inni isaa 29 ta’u ilaalamaa ture keessaa 21(% 72.41) murtii kan argate yoo ta’u galmeen 8 beellaman jira. Haaluma kanaan adabbiin hojii irraa gaggeessuu 7(A/S MMW1, A/S MMO 1, AS MMA 1, O/Seeraa 3, A/Ittisaa1)fi adabbiin mindaa 5(A/s 4, Qaadii 1), sadarkaa irraa gadi buusuu 3(A/S) bilisa 3(A/s 2, Qaadii 1) fi sababa biroon kan cufame 1 dha. Baay’ina namoota moggaafamanii 16fi baay’ina murtiilee biyya alaaf mirkanaa’anii 304 raawwatamanii jiru.

Haaluma kanaan hojii itti gaaafatamummaa mirkaneessuu ilaalchisee, sadarkaa mana murtii Ol’aanaatti himata naamusaa 206 ilaalamaa turan keessaa 153(%74.27) furmaata argateera. Kanneen murtii argatan kana keessaa namoota 113 irratti badii raawwachuun isaanii mirkanaa’ee tarkaanfiin naamuusa garaagaraa fudhatameera.

Badii naamuusaa xixiqqaa irratti hooggansi sadarkaan jiru tarkaanfii fudhataa akka deemu qabu karoorfamee dhimmootni badii naamuusaa xixiqqaa dhihaatan 54 keessaa dhimmoota 44 ta’an irratti karaa hooggansa sadarkaan jiruun tarkaanfiin fudhatamee jira.

Komii badii naamuusaan uummata biraa dhihaatuuf deebii kennuuf hojiin to’annoofi hordoffii badii naamuusaa cimsuun hawaasni manneen murtii akka sadarkeeffamu taasifamee, namoota sadarkaan isaanii gara dhummaa irra jiruuf tarkaanfiin bulchiinsa garaagaraa akka fudhatamu taasifamee jira. Namoonni to’annoofi hordoffii taasifamuufi sadarkeessaa kanneen mufatan manneen murtii keessaa gadi lakkisaa kan jiran ta’uun ragaa raawwii hojii mana hojii kanarraa hubatameera.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Azeeb Giddiyellewuuf

B/jirtanitti

Himataa Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Telekoom Distiriiktii Bahaafi himatamtuu isin gidduu falmii maallaqa mootummaa jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii baallama gaafa 27/7/2016 sa’aa 5:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti taasifamee murtiin kan kennamu ta’uu beeksifna. M/M/OI/G/Arsii

Gammachiis Nashaaf

Muktaar Amaaniif

Qamar Siraajiif

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Abboomsaafi himatamtoota isin gidduu famii waliigaltee liqii jiruuf himatamuu keessan beektanii hayyamsiisa keessan barreeffamaan qopheeffattanii baallama gaafa 24/7/2016 sa’aa 5:00 irratti dhiyaachuun akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin geggeeffamee murtiin kan kennamu ta’uu beeksifna. M/M/OI/Godina Arsii

1^{ffaa}Waldaa Shariikummaa Damballaash, Daamxawuufi Assallafachiif; 2^{ffaa} Damballaash Ballaxaatiif, 3^{ffaa} Daamxawu Abbumaatiif, 4^{ffaa} Assallafachi Tafarraatiif, 5^{ffaa} Afawarqi Damiseetiif, 6^{ffaa} Biruktaawiit Kabbadaatiif, 7^{ffaa} Siisaayi Beenyaatiif, 8^{ffaa} Maskaram Hayiluutiif, 9^{ffaa} Mallasaa Isheetuuf

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Abboomsaafi himatamtoota isin gidduu famii waliigaltee liqii jiruuf himatamuu keessan beektanii hayyamsiisa keessan barreeffamaan qopheeffattanii baallama gaafa 24/7/2016 sa’aa 5:00 irratti dhiyaachuun akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin geggeeffamee murtiin kan kennamu ta’uu beeksifna. M/M/OI/Godina Arsii

Dajanee Gammachuu kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asallaa ganda 11 keessaa qabanii lakk.isaa 19172/122/83 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni sababa addaa addaatiin kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee 21 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/Magaalaa Asallaa

Obbo Boxee Bukuu Argoo kaartaan mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda M/Baddeessaa keessaa qabanii lakk.isaa 16849, ballinnisaa M² 330, lakk.iddoo SH/AB/KD/03/62/11 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni sababa addaa addaatiin kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/Magaalaa Shaashamannee

Obbo Abbaa Woxeef

Obbo Mashanaa Abrahaamiif

B/jirtanitti

Falmii siiviilii Obbo Mangashaa Laaleegoofi deebii kennaa Matoo Tasfaayeefaa N-6 gidduu jiruuf isin mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 30/7/2016 sa’aa 6:00 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e ammoo mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/G/Arsii Lixaatti M/M/A/Nansaboo

Obbo Ayyaalawu Alii Mangashaa magaalaa Shaashamannee ganda Aleeluu keessatti kuusaan ykn faayilli haadhoon maqaasaaniitiin galmaa’ee beekamu yeroodhaaf waan hin argamneef ykn waan dhabameef namni faayila kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun baheeguyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine faayila ykn kuusaa yeroofii kan bannuuf ykn kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.W/L/B/Magaalaa Shaashamannee

Obbo Salaam Alii Joobiriif

Obbo Eeliyaas Isheetuu Moojaniif

Obbo Geetaasawu Farradaaf

B/jirtanitti

Himataa Obbo Birhaanuu Tolaafi himatamtoota isin gidduu falmii maallaqa qusannaa Baankii Awaash Damee Booruu Jaawwii jiru keessaa fudhatame ilaalchiseehimatamuu keessan beektaniibaallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/godina Arsii

Obbo Badhaadhaa Malkaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asallaa ganda 08 keesatti argamuu maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname lakk.isaa 858/12/85 ta’e waan na jalaa badeef kan biraan bakka buufamee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti dhiyaachuu yoo baate ragaan abbaa qabiyyummaa biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

Obbo Kabbadaa Dagafaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asallaa ganda 08 keesatti argamuu maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname lakk.isaa 15357/72/99ta’e waan na jalaa badeef kan biraan bakka buufamee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni ragaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu yoo baate ragaan abbaa qabiyyummaa biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Asallaa

Obbo Kiflee Taaddasaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asallaa ganda 09 keessa qabanii lakk. isaa 15733/104/99 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa

Obbo Abdoo Kadiir Waashoo Nagaheen lafa mana jireenya lakk. Isaa 505083 ta’ee magaalaa Dodolaa ganda M/ Waabee keessatti galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jechuun kan biraa akka kennamuuf waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e nagahee kan biraa baafachuu akka danda’an isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaala Dodolaa.

Aadde Baziinuu Booruu Gaarii lafa mana jireenyaa Nagahee lakk.1114696 ta’e magaala Dodolaa ganda Anoollee keessatti galmaa’ee na kenname na jalaa badeera jechuun kan biraa akka kennamuuf waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e nagahee eemaartii duraa hojiin ala goone koppiin nagahee kanaa gola harshameeti kan kennamuuf tahuu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaala Dodolaa

Baalee

Aadde Birhaanee Hayiluu Kabtimar mana jireenyaa magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru ballinnisaa M²200 ta’e Obbo Gaashaawu Aababaawutti waan gurgurataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni hayyamamaaf. W/L/Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Obbo Tasfaayee Kabbadaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti bal’ina lafaa 200M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu Obbo Fiqaaduu Badhaadhaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo

Obbo Dabalee Baqqalaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti bali’ina lafaa 200M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu Obbo Fayyisaa Girmaa Abbaraatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo

Obbo Taamiruu Ida’ee Urgaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti bali’inna lafaa 200M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu Obbo Wasanuu Dabalee Baalchaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo


Baafanaa Tuuluu Gammadaa mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti bali’ina lafaa 200M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu H/Anawaar H/Aloo Abdullaahiitti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo

Wubaantaa Wagaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti bali’ina lafaa 200M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu Obbo Buruuk Taaddasaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo

Aadde Atsadaa Adunyaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti lafa 387.5M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee argamu Obbo Geetaahuun Fiqaaduutti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Obbo Fadilii H/Qaasim Magaalaa jiraataa magaalaa Ginidhiir ganda Agamsaa kan ta’an Nagaheen Mirriitii lafa mana jireenyaa kan lakk. 403015 ta’ee maqaakootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Sirna Gumaafi Araaraa Aanaa Gumbii Bordoddeetti

Gumaan sirna ummanni Oromoo rakkoo/wal dhibdee namoota yookaan gosa gidduutti dhalatu ittiin hiikkatudha. Keessattuu namni lubbuu wal balleesse cubbuun akka maatiisaarra hin geenye, namnis bifa kanaan akka hin duune harka ofirraa dhiquudha. Gumaan firri yookaan maatiin namni jalaa du’e haaloo bahuuf warra lubbuu balleesse irraan miidhaa akka hin geessifneefi badiin lubbuu dabalataa akka hin geenye taasisa. Sirni gumaa baasuun hawaasa gidduutti nagaa buusuu kun ummata Oromoo hunda biratti beekkamaa yoo ta’u akkaataan sirnisaa itti raawwatamu garuu iddoodhaa iddootti garaagarummaa qabaachuu danda’a. Gaazexaan Kallacha Oromiyaa sirna Gumaafi Araaraa ilaalchisee waan Waajjirri Kominikeeshinii Aanaa Gumbii Bordoddee nuu erge bifa armaan gadiitiin qindeesseera.

Jiddoo itti ijaaruu- Namni nama ajjeese ykn harki danaawe ykn dhiigni namatti gale, nama sana gaarii ykn qondaala gosasaa bira geffamuun iddoo namaafi saawwan itti hin baane maqoo kaa’un buqqee hadhooftuu irraa qoroffee cabsuun namarraa kophaa baasuun nyaataafi dhugaatiin itti kennama. Namni kun hanga gumaan irraa kaffalamutti rifeensa hin haaddatu, qeensa hin ciratu, malkaa hin bu’u, gooroo hin bobba’u. Nama kanatti waardiyaan godhamee manatti girdoo keessa jiraata. Kunis Jidduu itti ijaaruu jedhama.

Namni nama ajjeese kun gara warra namni irraa du’eetti jaarsa jiddoo (jaarsa ambaa) gara namni irraa ajjeefamee ergata. Jaarsoliin kunis warra namni irraa du’ee dhaqanii magantaa nurraa fuudhadhaa jedhanii gaafatu. Gosti warra namni irraa ajjeefamee wal mari’achuun magantaa argadhaa jedhanii deebisu. Erga isaan magantaa argadhaa jedhanii warri lubbuu balleesse kafana Kafaaraa yookan loon awwaalchaa kaffalu. Jaarsoliinis waliin dubbatanii torban yookaan ji’a muraasa boodatti baallama qabatu. Kana booda maanguddoonni akkaataa aadaafi duudhaa sirna Gadaa keessatti tumameen gumaa kaffaluun araari bu’a. Haala nama nama ajjeese yookan harki danaawe irratti hundaa’uun gumaan kaffalamu garaagarummaa qaba.

- Qajeelaa dhibbi tokko: Namni akka tasaa ykn aaree harki isaa badee (danaawee) erga kuffiseen booda rifatee (nahee) lafaa yoo olqabe qajeelaa dhibbi tokko jedhama. Nama haala kanaan harki isaa bade osoo olqabee gadi qabuu namni rukutame harkasaatti lubbuun baate, qajeelaa dhibbi tokkooti waan ta’eef loon 100 kaffala ykn waan awwaalchaafi sa’a furriitti guutamuu danda’a.
- Dabaa dhibbaafi shantamaa: Namni nama tokkotti mufatee (hijaa itti qabatee) rukutee erga kuffiseen booda lafaa olqabuu dhiisee irraan qaaree (tarkaanfatee) biraa deeme dabaa dhibbaafi shantama jedhama. Wal dhabdeen yoo jiraatellee Oromoon haaloo (hijaa) garaatti walii hin qabatu; garaa walitti hin jabaatu; erga wal miidhees waliif mararamee lafaa walkaasa malee wal gubbaan tarkaanfatee hin deemu. Dabaa dhibbaafi shantamaa immoo gumaan loon (gaala) 150 ykn maallaqatti shallagamuu danda’a waan ta’eef akkaataa waliigalaniin nama harki baderraa fuudhamee gosa abbaa namni irraa du’eef kaffalama.



- Danuu: Namni otuu itti hin yaadin ykn osoo hijaa/haaloo hin qabaatin waldhabanii yoo rukuteefi tasa dhagaa darbatee otuu hin argin irra bu’ee yoo ajjeese danuu jedhama. Namni ajjeechaa raawwate kun itti yaadee haaloo bahuuf gocha kana waan hin raawwanneef murtii maanguddoonni dubbii ilaaluun murteessan irratti hundaa’uun gumaan kaffalama. Qamaa gumaan kaffalamuufi adeemsasaa irratti hundaa’ee gumaan kaffalamu bakka sadiitti qoodama. Isaanis:
- **Shanan Furii:** Gumaa warra namni irraa du’e qofaaf kennamuudha. Warri harki bade jaarsa jiddoo ykn hayyuu ambaa ergatan waliin ta’uun jaarsa jiddoo fi hayyuun magantaan dhaabbatee narraa fuudhaa jechuun gaafata. Warri dhiigasaanii barbaadaniif jaarsa jiddoo magantaa isinirraa fuune jechuun kabajaan hayyamamoo ta’uu ibsu. Ammas warri harki bade gaaddisa nuuf qabaa jechuun gaafatu. Jaarsi ambaa taa’ee gaaddisa ykn beellama qabaafi. Gaaddisa sanarratti warra ijisaanii imimmaanii sanarraa hayyuun taa’ee imimmaan narraa haqaa jedhee jaarsi jiddoo ykn gaarii balbala harki bade sana shanan furrii gaafata. Warri harki itti gale sun shanan furrii saawwan bareedaa hanqina hin qabne hanga warraa jechuunis obboleessaa, obboleettii, eessumaafi abbaa irraa saawwan shan irraa fuudhamee warra namni irraa du’e Obboleessa, Obboleettii, Eessuma, Maatiifi Abbaa fira dhihoo (aantii) tarree galchuun kennamaafi. Qajeelaa dhibbi tokko sana yoo ta’e shanan furrii sanarratti dabaluun dhibbaa daalachi kaffalama jechuudha. As irratti garuu shanan furrii hafuu hin ta’u waan ta’eef dirqama ni kaffalama. Gumaa daalachi garuu hafuu danda’a. Danuutti osoo namni sun ofirraa quba hin qabaatiin yoo rukutee ajjeesee ergasii rifatee lafaa yoo olqabe qajeelaa dhibbi tokkooti waan ta’eef shanan furrii qofatu kaffalama.
- **Imimmaan Haqata (Imimmoo):** Balbala (Ibidda) warra harki bade irraa saawwan bareedaa kudha shan guuranii jaarsa jiddoo faajjii qabatee gara lamaan irraa beellama qabame sanarratti balbala namni keessaa du’eef (aantii) tarree galchanii ifatti kennuun araara dubbatan. Saawwan kanneen keessaa tokko haadha nama ajjeesee irraa fuudhamuun haadha dhalashee dhabdeef sa’a dhaltii arfeessa beekkamaa ta’e ykn kan muchi arfan fayyaa qabuufi qaamni hir’uu

- hin ta’in, kan haalan aannan qabu kennamaafi. Sa’aan arfeessi kun kan haati elmachaa turte jala mararamtu, kan haati ilma dhabde of duratti ilaaltee itti gammaddu kunis “Obsee” jechuun beekama. Imimmoon balbala (Ibidda) nama ajjeeserraa guuramee balbala namni irraa du’e aantii balbalaa qofaaf kennama.
 - **Dhibba Daalachaa:** Gosa bal’aaf kennama. Imimmaan haqataa akkuma xumurameen gaariin ambaa (jaarsi ambaa) faajjii qabatee gaaddisatti jidduu taa’ee beellama qabame irratti gumaa kaffaluun araara buusuuf waa’ee araaraa dubbachuu eegala. Adeemsa gumaan itti kaffalamu keessatti akkaataa gosti harki bade (danaawe) hayyuun ykn jaarsi jiddoo gosa dhiigichaa gaaffilee dheeraa naaf gabaabsii?, gabaabaa naaf dheeressii?, xiqqaa naaf guddisi?, guddaa naaf xiqqeesii? jechuun gaafata. Gaaffilee kannaniif hayyamamaa ta’uun mirkanaa’ee hayyuun gamaafi gamasii gaaddisa tokkotti walitti dhufuun hijaa fi aarii irbuu jidduu kaa’un gumaa (dhiiga) nama du’e sana dhugaafi haqa eeggatanii dubbachu eegalan.
- Gumaan dhibba daalachaa bal’aa gosaa nama hijaan ykn danuun ajjeese sanarraa loon, gala ykn maallaqaan shallagamu danda’aa walitti qabuun hayyuun faajjii qabatee dhaabbachuun beellama qabame sanarratti dhiiga (gumaa) gosa namni irraa du’eef kaffalamu jechudha. Gumaan kunis bakka fidaa ykn iddoo gandi keessaa godaane ona keessatti ykn gandarraa achi (waxxee) baasun, ciisichatti geessun walitti qabaniin gosa namni irraa du’eef kennama. Dhibba daalachaa loon 30 dhiheessanii gaariin gosaa gama lamaan dhaabbatanii lakkaa’an. Dhibbi daalachi gosa bal’aa irraa guuramee hayyuun faajjii qabatee bal’aa gosaa abbaa dhiigaa ta’eef kennama. Dhiigni kan gosa bal’aati jedhama. Dhibba daalacha kaffala kan jedhameef itti heerame malee akka jedhametti hin kaffalamu. Qoriin, ciicoo (qabeen) aannaniifi jimaa akka raadaatti lakkaa’un gumaan 100 guute jechuudha. Gosa namni irraa du’eefi harki itti gale gaariin faajjiin iddoo irratti walii galuu danda’an sanatti dhibbi daalachi kaffalama. Heerri Oromoo obbol (shariika) akka jabaa jaalalaan waliin jiraatan lafatti hin dhiisu waan ta’eef sa’a bareedaa guddaa ta’e kan hanqina hin qabneefi kan obbol itti gammadee irraanfatu “obsii” jechuun kennamaafi.

itti fufa

Finxaallessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

6	Kallacha Oromiyaa	Bitootessa 19 bara 2016
Kadiir Adam mana jireenyaa magaalaa Diinshoo ganda 01 keessaa lafa M² 200 irratti argamu nan gurguradha waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kan hayyamamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/M/Diinshoo	Obbo Addis Kabbadaa Abbabaa fi Aadde Sallilish Kabbadaa mana jireenyaa lakkoofsa 2068/BMNB/01/01/01 ta’e lafa 614m² qabu irraa kutee lafa 300m² ta’u irratti mana qubatee maqaa Addis Kabbadaa Abbabaatiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu Obbo Tsaggayee Kabbadaa Abbabaatiif kennee jira waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20tti akka dhiyaatu; yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa	Obbo Barihee Dastaa waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda Sh/Gootaa(01) keessaatti qabeenyaa hin sochoone maqaasaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 450M² irratti argamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Obbo Nabiyyuu Barihee, 2^{ffaa} Aadde Azeeb Barihee, 3^{ffaa} Obbo Mulugeetaa Barihee 4^{ffaa} Aadde Caraqqaa Bariheefi 5^{ffaa} Fitsuum Barihee dhaaltota sadarkaa duraa ta’uunsaanii mana murtiitiin murtaa’eeraaf. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baheerraa eegalee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Beddellee
Zaruu Leenjisoo mana jireenyaa magaalaa Diinshoo ganda 01 keessaa lafa M² 166 irratti argamu nan gurguradha waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kan hayyamamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/M/Diinshoo	Aadde Ilfinash Makonniin Badhaanee mana jireenyaa magaalaa Nageellee ganda 01 keessatti argamu lakk. Kaartaa 1950/BMN/01/01/01 ta’e 200m² maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Aadde Obsee Daggafaa Mul’ataatiti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Alii.	Gujii Obbo Mokonnin Dajanee Hararuu mana jireenyaa magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti argamu lakk.isaa AW/QE/189, lakk. kaartasaa 4478/13, bal’innisaa M²167.05 ta’e Obbo Birhaanuu Alamaayyoofi Zawudituu Dinqaatti gurguratanii waliigalteen akka ragga’uuf gaafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne waliigaltee fudhannee kan mirkaneessinu ta’uu ni beeksifna. W/L/Bu/M/Adoolaa Woyyuu
Obbo Indiriis Hasan mana jireenyaa magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti lafa 250m² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Aadde Almaaz Warquutti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.	Beeksisa Caalbaasii R/himattuu Aadde Baayibuukee Abarraa fi R/himatamaa Aadde Xuruwarqi Abarraa B/B Abuk. Tasfaayee Dirribii jidduu raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa lafa 441m² irratti argamu maqaa Obbo Atarraaf Bihoonenyiitiin Bul/Mag/N/Booranaa ganda 02 keessatti galmaa’ee beekamu ka’uumsa caalbaasii qarshii 2,043,811.34 (miliyoona lamaafi kuma afurtamii sadiif dhibba saddeetiif kudha tokkoofi saantima soddonii afur) caalbaasii ifa ta’een kan gurguramu waan ta’eef namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan guyyaa beeksifni kun bahee kaasee hanga gaafa guyyaa 30/07/2016 sa’aatii 4:00tti gatii ittiin bitattan poostaadhaan saamsuun Mana murtii Aanaa Liibanitti galchuun gaafa guyyaa 30/07/2016 sa’aatii 4:30 irratti achitti argamuun bitachuu dandeessu. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa	Obbo Baanataa Galgaloo mana jireenyaa 200m² magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Awool Qaasimiitti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.
Boorana Aadde Yatimwarq Baqqalaafi Obbo Taaddasaa Damisee mana jireenyaa Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessa qaban lakk. kaartaa 9461/BMNB/01/01/02 ta’ee lafaa 451m² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Yawarqiwuha Habtee, Masarat Habtee, Tamalaadach Habtee, Takkatal Habteefi Indaalaa Habtee B/B Yawarqiwuha Habteetti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa	Bunnoo Beddellee Obbo Tasfaayee Kabbadaa mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessatti argamu, lakk.kaartasaa B-L-2485/2004, bal’innisaa M² 160 ta’e Obbo Misbaawuu Hasanitti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka naanna’uuf gaafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu beeksifna. W/L/Bulchiisa Magaalaa Beddellee	Obbo Fiqadee Waaree mana jireenyaa 200m² magaalaa Shaakkisoo ganda Dh/Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Kateeloo Ejersaatti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.
Obbo Muzayyiin Umar Nuureefi Aadde Anaan Salamoon Taarikuu B/B Obbo Mahaammad Abdurrazaaq Adan kan ta’e mana jireenyaa lakkoofsa 9898/BMNB/01/01/01 ta’e lafa 280m² maqaa Obbo Muzayyiin fi Aadde Anaan Salamoon Taarikuu B/B Obbo Mahammad Abdurrazaaqiitiin ganda 02 keessatti galmaa’ee beekamu Obbo Ermiyaas Dassaaleeny Goobanaa fi Aadde Samiiraa Mahammad Huseenitti gurgurree jirra waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20tti akka dhiyaatu; yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa	Obbo Addunyaa Isheetuu mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessatti argamu, lakk.kaartasaa4934/2015, bal’innisaa M² 200 ta’e Aadde Tirfee Boodanaatti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka naanna’uuf gaafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu beeksifna. W/L/Bulchiisa Magaalaa Beddellee	Harargee Faamii Jamaaliif B/jirtanitti Himataa Faamii Abdallaafi himatamaa isin gidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee isin himatamaan himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016sa’aa 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, yoo hin dhiyaanne bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/G/Harargee Bahaa
Aadde Haliimaa Mahaammadfi Obbo Shaabaan Usmaan mana jireenyaa lakkoofsa 10031/BMNB/01/01/01 ta’e lafa 307.5m² irratti ganda 03 keessatti maqaa Aadde Haliimaa Mahaammadiitiin galmaa’ee beekamu Obbo Siyaad Mahaammad Mahaadiiif kennee jira waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 tti akka dhiyaatu; yoo hin dhiyaanne kennaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Nageellee Booranaa	Obbo Alamaayyoo Tolaa Wagee waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02(Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone maqaasaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 180M² irratti argamu dhaaltota isaanii kan ta’an 1^{ffaa} Aadde Riyanaa Muktaar, 2^{ffaa} Yisaaq Alamaayyoo, 3^{ffaa} Imaan Alamaayyoofi 4^{ffaa} Nuunaatii Alamayyoo dhaaltota sadarkaa duraa ta’uusaanii mana murtiitiin murtaa’eeraaf. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa eegalee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Beddellee	Obbo Henook Alamuu Gabree kaartaan mana jireenyaa magaalaa Ciroo araddaa 01 (Caffee Araaraa) keessaa qabanii lakk.isaa BMC-1/250/268/2000 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru.Kanaaf namni ragaa kana arge ykn sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti yoo dhiyeessuu baate ragaan abbaa qabiyyummaa biraa kan kennamuuf ta’uu beeksifna.W/L/Bulchiisa Magaalaa Ciroo

Iluu Abbaa Boor

Aadde Shaggituu Barkeessaa mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessaa qaban lakk.kaartaasaa 3516/OK/2013, ballinnisaa M² 83 ta’e Aadde Kaasechi Wagaayyahu Lamuutiif kenneera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/ Magaalaa Mattuu

Obbo Kabbadaa Birhaanuu mana balbala tokko magaalaa Laaloo ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu, ballinnisaa M² 450 ta’e Obbo Shifaa Birdiidaatti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun baherraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Diiduu

Obbo Abdoo Daawuud mana balbala tokko magaalaa Laaloo ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu, ballinnisaa M² 180 ta’e Aadde Fakiyaa Jibiriilitti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun baherraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Diiduu

Obbo Xahaa Kadiir jiraataa Magaalaa Goree ganda 04 kan ta’an mana Jireenyaa maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru lakk.kaartaa isaa WL/4207/X/2016 ta’ee lafa bal’innisaa 200 M² ta’ee maqaasaaniin galmaa’ee jiru Aadde Damaamee Garramuutti gurguuruuf iyyata waan dhiyeeffataniif qaamni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee

Obbo Takkaliny Mallasaa jiraataa Magaalaa Goree ganda 04 kan ta’an mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru lakk.kaartaa isaa WBIFL/2016/T/2014 ta’e lafa bal’innisaa 200 M² ta’ee maqaasaaniin galmaa’ee jiru Obbo Bafiqaaduu Anjellootti gurguuruuf iyyata waan dhiyeeffataniif qaamni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee

Obbo Wandaafiraash Taarikuu jiraataa Magaalaa Goree ganda 03 kan ta’an mana Jireenyaa maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru lakk.kaartaa isaa Geo/5/06 ta’e lafa bal’innisaa 22 M² irratti maqaasaaniin galmaa’ee jiru Aadde Abinnat Takluutti gurguuruuf iyyata waan dhiyeeffataiif qaamni mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee

Dr.Wandaachoo Mitikkuufi Aadde Shawaayee Baqqalaa mana jireenya magaalaa mattuu ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaa 12/2006fi ballina lafaa 200m² ta’e irratti ijaaramee jiruufi sadarkaa iddoo 2^{ffaa} tajaajila iddoo BA(9R₁) kan tahe Obbo Hafis Guutamaafi Aadde Haanaan Naasiritti gurguradhareerra jedhanii jijjiirraan maqaa akka taasifamuuf waan gaafataniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mattuu.

Obbo Nugusee Aliigaaz mana jireenya magaala Yaayyoo ganda 01 keessa qaban ajaja mana murtiin maqaa Aadde Birqee Mul’ataatti jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti Waajjira lafa magaala Aanaa Yaayyootti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Yaayyoo.

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Shibbiruu Lammaa mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessatti argamu maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Aadde Xaraafuwa Mokoonnoonitti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu.

Aadde Baanchirgaa Alaamiroo mana jireenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessatti argamu lakk.Kaartaa isaa Dhu/431/2014 maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Xilaahun Taayyeetti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Yaayyoo.

Aadde Adaanech Alamaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Bachoo ganda 01 keessatti lafa 200m² irratti argamu lakk.Kaartaa isaa 217mmlm/2013 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Obbo Adaanaa Asaffaatti gurgureera jedhanii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru waan ta’eef kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo

Jimma

Obbo Nugusee Indaalee tajaajila lafa mana jireenyaa Magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti argamu kaartaa lakk.1541/2000 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf raga (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Aadde Yashimmabeet Taaddasaa kaartaa hin sochoone 4063 tajaajila lafa mana jireenyaatiif oolu Magaalaa Jimmaa ganda G/Guduruu keessatti argamu maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf raga (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Shawaa

Muluu Siisaayii Gaashuutiif

B/jirtanitti

Iyyataa Urgeechaa Lataafi waamamtuu isin gidduu dhimma falmii badinsaa jiru ilaalchisee isin waamamtuun bara 2012 irraa eegalee baddee jirti waan jedhameef kan jirtan yoo ta’e bakka jirtanirraa badinsi osoo hin mirkanaa’iin dura baallama gaafa 30/7/2016 sa’aa 5:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Sabbata Awaas

Aadde Zaytuunaa Usmaan Muummadiif

B/jirtanitti

Himataa Obbo Muyaddiin Hasaniifi himatamtuu isin gidduu himannaan diiggaa gaa’elaa kan isinirratti dhiyaate ta’uu hubattanii deebii keessan qabattanii baallama gaafa 25/7/2016 sa’aa 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/M/ Adaamaatti M/M/A/K/Magaalaa Boolee

Obbo Kuraabbaachoo Damisseef

Obbo Teediroos Baa’idamaariyaamiif

Obbo Teediroos Kumsaaf

Aadde Atsaduu G/Hiywootiif

Obbo Tsggaayee Tolasaaf

B/jirtanitti

Himataa Obbo Fiqaaduu Tolaafi himatamtoota isin gidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 25/7/2016 sa’aa 3:30 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhiyaachuun akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/M/Shaggaritti M/M/A/K/Magaalaa Mana Abbichuu

Obbo Aanteenehi Shittaayee nagaheen lakk.isaa 1506079 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Namni nagahee kana idaadhaanis ta’e haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyeessuu yoo baate ragaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Furii

Aadde Masarat Asiraat nagaheen lakk.isaa 178696 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Namni nagahee kana idaadhaanis ta’e haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyeessuu yoo baate ragaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Furii

Obbo Daggafaa Guutamaa nagaheen lakk.isaa 1882256 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Namni nagahee kana idaadhaanis ta’e haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyeessuu yoo baate ragaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Furii

Obbo Bojaa Tasfaayee nagaheen lakk.isaa 1889169 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Namni nagahee kana idaadhaanis ta’e haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyeessuu yoo baate ragaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Furii

Baatiree Misgaanaa nagaheen lakk.isaa 1934577 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Namni nagahee kana idaadhaanis ta’e haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyeessuu yoo baate ragaa bade kana kan bakka buufnuuf ta’uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Malkaa Noonnoo

Caalbaasii

Falmii siiviilii murtii abbaa mirgaa Obbo Kinfee Gaasheefi murtii abbaa idaa Muhaammad Kadiiriifi gidduu lixxuu Geexee Ijjiguu gidduu jiruuf manneen lama osoo adda hin bahiin waliin erga tokko asiin dura dhorkamanii turan magaalaa Adaamaa ganda Hangaatuu keessatti lafa M² 360 irratti argaman lakk. kaartaasaanii 10712/2006, lakk.isaa 10600/2006 ta’e maqaa Aadde Geexee Ijjiguutiin beekamu gaafa 14/8/2016 ganama sa’aa 3:00-sa’aa 6:00tti ka’umsa qarshii 4,893,233.85n caalbaasii ifaan akka gurguramu waan murtaa’eef kan bitachuu barbaadu yeroofi bakka jedhametti argamuun kaffaltii barbaachisu raawwachuun dorgomee bitachuu kan danda’u ta’uu beeksisaa bu’aansaa gaafa 15/8/2016 sa’aa 4:00 irratti akka ibsamu manni murtii ajajeera. M/M/OI/Magaalaa Adaamaa Dh/H/Hawaasaa



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Dargaggoo lafa xiqqaa qotuun milkaa'ee gara invastarummaatti ce'aa jiru

Qonni bu'uura dinagdee biyya kanaati. Hawaasni biyya kanaa ummabantaan 80 mootatti lakkaa'amu kallattiinis ta'e alkallattii jiruufi jireenyasaanii qonnarratti bu'uureffatu. Haata'u malee lafti qabeenya dhaabbataa hammaan dabaluu hin danda'amne ta'ullee tooftaa adda addaan lafuma muraasarraa oomisha olaanaa argachuun ni danda'ama. Kuni qonna karaa ammayyaa makaanaayizdii gochuun, galteewwan qonnaa sirnaan fayyadamuufi kunuunsa barbaachisu taasisuun ta'a.

Mootummaan kanuma milkeessuuf tarsiimoo qonnaan inisheetiviiwwan adda addaa bocuun hojjetamaa jira. Kanaaf qonnaan bultootni keenyas qonna karaa ammayyaa'aa qotuun callaa barbaachisu argachuurratti argamu. Kanneen keessaa dargaggoon qonnaan bulaa moodela muuxannoo isaa Gaazexaa Bariisaaf qoode Laggasaa Taaddasaati.

“Oomisha guddaa ta'e argachuuf lafa bal'aa ta'e qotuun dirqamaa miti” kan jedhu godina Baaleetti hojii qonnaatiin jireenyasaa gaggeessaa kan jiru dargaggoo Laggasaan, galteewwan qonnaa guutuu ta'e fayyadamnaan lafa muraasarratti callaa gaarii argachuun akka danda'amu fakkeenyi isa caalu akka hinjirre dubbata.

Akka yaadasaatti; lafa qonnaa maatiisaarraa argateefi kan maatiisaa hektaara sadii qofaa qotuudhaan warreen lafa hektaara hedduu qotaniin qixa omisha gaarii argachuu danda'eera. Akka fakkeenyaatti isuma bara omishaa ganna darbee yoo sii kaase, akka carraa ta'ee bara darbes baay'inni lafaa ani irratti qamadii omishes hektaaruma sadiin yemmuu ta'u, isumarraa garuu qamadii kuntaala 168 ta'u omishuu danda'eera.

Heektaaraan bifa kanaan duraan baramaa hintaaneen qamadii kuntaala 58 ta'u omishuun waan danda'ameef fayyadamummaan keenyas isuma waliin dabalaa adeemaa jira. Godinni Baalee ammas ta'ee kanaan dura gama oomishoota qamadiifi garbuutiin akkuma biyyaattuu beekkamtuu yemmuu taatu, fayyadama paakeejiiwwan qonnaatiinis godina hamatamtu miti.

Haata'u malee waggoota muraasaa paakeejiiwwan guutuu qonnaas ta'ee galteewwan qonnaa keessattuu qorichoota farreen aramaatiin walqabatee jijjiiramni mul'achaa jiru qonnaan bultoota godinichaatiif hamilee guddaa ta'aa jira. Erga hojii qonnaa keessatti hirmaachuu eegalee kaasee waqtiisaa eeguudhaan qorichoota farreen aramaafi ilbiisotaa garaa garaa fayyadamaa turuu kan himu dargaggoo Laggasaan, waggoota lamaan darbaniif qorichi farra aramaafi farra ilbiisotaa inni fayyadamaa ture garuu kanneen hanga ammaatti turan hundarraa fooyya'aafi oomishaafi oomishtummaarrattis jijjiiramni guddaan akka dhufuuf sababa ta'uu dubbata.



“Waggaa lamaan har'aa namni wayii manuma hojii kootti natti dhufee waa'ee qoricha kanaa yemmuu inni natti himu ani dafee amanuu hindandeenye. Namni sun garuu hanga humnisaa danda'utti na amansiisuudhaaf hedduu yaalaa ture. Boodarratti qorichicha cal jedheetuma kanfaltii malee fudhadhee akka fayyadamuufi erga bu'a qabeessummaasaa mirkaneeffadheen booda akka kanfaluuf na amansiise. Anis tole jedhee fudhachuudhaan akkuma waqtiin aramaa ga'een akkasumas ilbiisotnis gara maasiitti galuu jalqabaniin qorichicha itti biifadhe.

Dubbii keenyarratti qorichi kun qorichoota farra aramaa kanneen biroo irraa wanti adda isa taasisu hedduudha. Isaan keessaa inni tokkoofi dadhabbii qonnaan bulaa hir'isu immoo isa farra ilbiisotaafi farra aramaas iddoma tokkotti bulbulanii afuuftuu tokkoon afuufuun danda'amusaati. Kanaaf anis erga haala kanaan qorichicha fayyadameen booda ooyruu san keessatti midhaan asheetaa bareedaa ta'e mul'achuu eegale. Ittaansuudhaan yemmuu haamamee sassaabamus callaan tanaan dura argamee hinbeekne argamuu eegale.

Anis bu'aa qoricha sanaa erga qabatamaan ooyruu kooratti argeen booda namicha dura qoricha sana akka fayyadamuuf na gorsaa ture galateeffadhee baay'inaan akka naa dhiheessu kadhachuu eegale. Yeroo ammaa ooyruuwwan koo hunda keessatti kan fayyadamu qorichuma farra aramaa omishaafi omishtummaa koo kan orma naannawicha jiru akka caaluuf na taasise qorichuma farra aramaa Dhaabbanni 'Kemteks' dhiheessuudha.

Qonnaan bultootni ollaakootiis yeroo ammaa anarraa arganii qoricha farra aramaafi ilbiisotaa fooyya'aa dhaabbanni Kemtes dhiheessu fayyadamuuf fedhii qofa osoo hintaane, kanneen fayyadamanii oomishasaanii akkuma kootti dabalaa mul'achaa jiru.

Waa'ee faayidaa olaanaa qoricha dhaabbatni kun dhiheessuurra deddeebiidhaan kan sitti himaa jiruuf jaraaf yaadee osoo hintaane, hojii qonnaa

keessa waggoota hedduuf turus kan oomishni kiyya caalatti fooyya'eefi anis fayyadamaa itti ta'e erga qoricha kana fayyadamuu eegalee waan ta'eefi.

Yeroo ammaa hojima qonnaafi callaa dabalaa dhufe kanaan gara invastarummaatti ce'aan jira. Oggaan akka fakkeenyaatti sii kaasu hoteelli agartu kun kan kooti. Bu'aa dabaluu oomishaafi omishtummaa qamadii waggoota muraasaan booda dhufeeti jechuun ni danda'ama.

Hoteela kana kanin ijaarradhe lafa maatiin naa kenne yookiin bulchiinsi magaalaa Roobeerraa argadhe osoo hintaane, isas maallaquma kootiin bitee Hoteela kana fakkaatu irratti ijaaradhee jira. Laficha qarshii miiliyoona afur ta'uun bitee ijaarsa

hoteelichaatiif qarshii naannawa miiliyoona 20 ta'u itti baheera.

Kanaaf yeroo ammaa ani qonnaan bulaa qofa osoo hintaane, walakkaadhaan gara invastimantii magaalaattis galeera jechuudha. Barumsasaa osoo hinxumuriin addaa kutuudhaan gara hojii qonnaatti kan xiyyeeffate Dargaggoo Laggasaan, xiiqii sanaaf yeroo ammaa milkii gama hojii qonnaatiin galmeessisaa jiruun cinatti ijoolleensaa cimani akka barataniifi iddoo inni barumsaan gahuu hindandeenye akka dhaqqabaniif waan hunda guuteefi barsiisaa jiraachuu dubbata.

Bu'aan argachaa jiru kan qophaasaa fayyadamu osoo hintaane kan hawaasni naannawichaa irraa fayyadamu waan ta'eef hojiiilee tola ooltummaafi gargaarsaa gara garaatiifis arjoomaa jira. Akka fakkeenyaatti yeroo gara garaatti deeggarsa gama mootummaatiin gaafatamuuf dafee awwaachuu, ijaarsa hidha guddichaatiif boondii bituufi kennaadhaanis irra deddeebi'ee arjoomera.

“Dargaggoonni barnoota qofarratti osoo hintaane, qonna dabalatee hojiiwwan gara garaatiinis milkaa'uun akka danda'amu gorsuun barbaada” kan jedhu Dargaggoo Laggasaan, hojii argame hunda osoo hin tuffatin hojjachuun bu'aafi milkii hin yaadamneef kan nama affeeru akka ta'u hubatanii carraa argame hundaan waan argame hojjatanii milkaa'uuf kutannoon barbaachisaa ta'uus ni ibsa.

Walumaagalatti; osoo barumsa hinxumuriin addaan kutuun abdii gara fuula duraa kan nama hinkutachiine ta'uu, lafa xiqqoo qotaniif oomisha xiqqoo akka hinarganne muuxannoo dargaggoo kanaarraa barnoota fudhachuun ni danda'ama. Hojiirratti hirmaatan sana addaafi wantoota hojichaaf barbaachisan guuttatanii hojjachuun yeroo gabaabaa keessatti kan nama milkeessu ta'uus akkasuma.

Maddi:- Dh.P.I

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Raawwii hojiilee misoomaa dinagdee kurmaana 2’n jalqaba bara 2016:

Misooma daldalaa ilaalchisee: Seera qabeessummaa daldalaa mirkaneessuuf hojimaata ammayya’aa ta’e diriirsuun galmeessa daldalaa kuma 81.1 (%60), hayyamaa daldalaa haaraa kuma 108.9 (%67) akkasumas hayyama daldalaa haareessuu kuma 374 (%63) raawwachuun kan danda’ameera. Kana keessaa tajaajilamaan kuma 454 qaamaan gara waajjira mootummaa dhufuun osoo isa hin barbaachiisin tekinoloojiin fayyadamuun kallattiin tajaajila akka argatan taasifameera.

Lammileen hojii daldalaarratti bobba’an hojii isaaniirratti bu’aa qabeessaa akka ta’an gochuuf gorsa mala daldalaa namoota kuma 98.5 (%141) fi leenjiin tajaajila mala daldalaa namoota kuma 21.9 (%83)f kennameera. Seeraan alummaa hojii daldalaarratti mul’atu maqsuuf dhaabbilee daldalaa kuma 602.8 (%124) irratti to’annoo gaggeeffameen; dhaabbilee daldalaa kuma 98.9 (%16.4) seeraan alaa ta’anii argaman keessaa daldaaltoota kuma 83.98 (%84) gara seeratti deebifamaniiru. Ittisa hojii kontiroobaandii irratti hojii hojjetamaa tureen omishaalee qonnaafi omishaalee industirii adda addaa to’atamaniin adabbii adda adda irra qarshiin miliyoona 142.3 mootummaaf galii akka ta’u taasifameera.

Dhiyeessii oomishaalee al-ergii ol-guddisuuf hojii hojjetamaa tureen, buna miiccamaafi gogaa toonii kuma 80 (%179), buna diimaafi janfala gabaa sadarkaa 1^{ffaa} irratti gaggeeffamu toonii kuma 337.6 (%104), oomisha baala Shaayee toonii 5,700 (%184), mi’eessituu toonii kuma 40.5 (%107), Saalixaa toonii 3,148 (%105), Jimaa toonii kuma 73.2 (%94), Kuduraafi Muduraa toonii kuma 65.5 (%103), Midhaan toonii kuma 121.2 (%66) akkasumas beeylada dhaabbii kuma 240.9 (%66) gabaa biyyaa alaatiif dhiyaataniiru.

Qaala’insa jireenya tasgabbeessuuf midhaan dheedhii toonii miliyoona 12.7(%122), kuduraafi muduraa toonii miliyoona 2.5(%109)fi beeylada dhaabbii miliyoona 1.16 (%150) ta’uuf walitti hidhamiinsi gabaa kan uumame yommuu ta’u; magaaloota adda addaa keessatti gabaa sanbataa haaraa107(%130) hundeessuun yeroo amma waligalaan gabaa sanbataa 270 irraan gahuun danda’ameera.

Misooma Daandiifi Loojistikii: Misoomni daandii sochii hawaasa-dinagdee taasifamu keessatti shoora olaanaa gumaachaa jiru hubachuun, Mootummaan Naannoo Oromiyaa bajata guddaa ramaduun sochii taasisaa tureera. Baatiiwwan jahan darban keessatti daandii aspaaltii magaaloota lamaa gidduugaleessaan km 2.3 hojjechuuf karoorfamee km 1.86 (%80.9), daandii cirrachaa toora 17 irratti km 23.66 hojjechuuf karoorfamee km 17.64 (%74.6) fi gama Sagantaa Waliingahiinsa Daandii Baadiyyaatiin daandii toora 496 irratti km 207.6 (%209) hojjetameera.

Gama bulchinsa qabeenya daanditiin: ji’oottan jahan darban keessatti daandii km 3,727 suphuuf karoorfamee %93 suphameera. Maallaqa suphaa daandiilee kanaaf oolu fandii daandii naannoo qarshii miliyoona 56.5 (%108.7) sassaabuun kan danda’ame yoo ta’e illee; karoora bara kanaaf qabame qarshii miliyoona 412 milkeessuuf ciminaan hojjechuu gaafata.

Gama biroottiin: daandileen hojjetaman tajaajila

guutuu akka kennan gochuuf riqaaalee sadarkaa naannoo 32 gidduugaleessaan %7.11 hojjechuuf karoorfamee %2.5(%35) akkasumas riqaaalee sadarkaa godinaa 108 gidduugaleessaan %6 hojjechuuf karoorfamee %2.4(%40) kan hojjetame yommuu ta’u; ji’oottan jahan darban keessatti riqaaalee 5 fi daandiileen 7 xumuramamii tajaajila uummataaf banaa ta’uun ummata naannichaa fayyadamaa taasifameera.

Tajaajila geejjibaa ilaalchisee: Tajaajila geejjiba mijataa, dhaqqabamaafi nageenyisaa mirkanaa’e dhiyeessuuf sararaa bobbii haaraa 22 (%183)fi sararaa bobbii bilisaa 63 (%126) banuun kan danda’ame yommuu ta’u hayyama opireetarummaa konkolaataa deddeebisa uummataa haaraa 1,260 (%130)fi haareessuu 10,793 (%101.2) raawwatameera.

Rakkoo bulchinsa gaarii kenna tajaajila geejjibaan walqabatee jiru hiikuuf rifoormii geejjibaa hojiirra oolchuuf sochii taasifameen; buufataalee konkolaataa 43 fi saraara 258 irratti tikeetiin elektiroonksii kan jalqabame yommuu ta’u; magaalootaafi godinaalee adda addaa keessattis tekinoolojiwwan kana hojiirraa oolchuun itti fuufeera.

Gama nageenya tiraafikaa mirkaneessuutiin sababaa balaa tiraafikaatiin midhaa lammileerra gahaa jiruufi qabeenya balaa kanaan manca’aa jiru xiqqeessuuf hojiin hubannoo uumuu, to’annoofi bakkeewwan balaan tiraafikaa baay’atutti mallattoolee nageenya tiraafikaa dhaabuun hojjetamaa tureera. Kanaanis,balaan waliigalaa%9n,balaan du’aa%20 niifi mancaatiin qabeenyaas %14n hir’atera. Hojii hojjetamaa tureen balaa tiraafikaa hanga ta’e hir’isuun kan danda’ame ta’uullee; ammalle balaan kun lubbuu lammilee hedduu galaafataa kan jiruufi qabeenya salphaa hin taanees mancaasaa waan jiruuf xiyyeeffannoo qaama hundaa barbaada.

Dhaabbilee Misooma Mootummaa:Dhaabbileen misooma mootummaa imaammataafi tarsiimoo mootummaa hordofuun qaawwa hanqinni gabaa uumu guutuu, rakkoo cancala gabaa keessatti uumamu furuu, gatii gabaa tasgabbeessuun guddina hawaas-dinagdee keessatti tumsaafi shoora olaanaa taphataa jiru.

Haaluma kanaan; yeroo ammaa kanatti dhaabbileen misoomaa guutummaan is ta’an kan gar-tokkeen mootummaan qooda keessaa qabu 55 yoo ta’u; ji’oottan jahan darban keessatti sossochii dhaabbilee kanaan taasifameen galiin qarshii biliyoona 15.16(%62.3)raawwachuun kan danda’ame yommuu ta’u; galii waliigalaa argame kana irraas tilmaama bu’a qarshii biliyoona 1.96 (%52.6) argamuun akka danda’u mul’iseera.

Galii maddisiisuu ilaalchisee: Dandeettii galii maddisiisuu naannichaa qorachudhaan galii dinagdee naannootiin walmadaalu sassaabuuf bara kana karoorri hiixataan qabamee hojjetamaa jira. Ji’oottan jahan darban keessatti galii idilee qarshii biliyoona 42.36 (%79.9), galii mana qopheessaa qarshii biliyoona 9.83 (%73.1), fi galii keessoo qarshii biliyoona 4.87 (%116); walumaagalatti; qarshii biliyoona 57.07 (%80.7) karoora yeroof qabamerraa walitti qabameera. Raawwiin sassaabbii galii kun kan bara darbe yeroo wal-fakkaatu waliin yommuu madaalamu; galiin idilee qarshii biliyoona 10.42

(%34.4) fi galiin mana qopheessaa qarshii biliyoona 4.35 (%70.7) waliigalaan; qarshii biliyoona 14.77 (%39.9) tiin caalmaa qaba.

Itti fayyadama bajataa Naannoo Oromiyaafi Tajaajila Lammummaa: Gama biroottiin; bara bajataa 2016 kana keessatti baajata Naannoo Caffeen mirkanaa’e qarshii biliyoona 221.5 keessaa ji’oottan jahan darban keessatti hojiiwwan adda addaatiif baajatni marmaartuu sadarkaa Naannootti qarshii biliyoona 15.99 (%96.4), baajatni kaappitaalaa qarshii biliyoona 12.96 (%70.8), baajatni sagantaa misooma ittifufinsaa qarshii biliyoona 1.63 (%92.7), kan aanaaleefi magaalotaa qarshii biliyoona 59.98 (%91) waliigalaan; qarshii biliyoona 91.06 (%88.3) karoora ji’a jahaaf qabamerraa hojiirra ooleera.

Mootummaan naannichaa rakkoolee adda addaa qunnamaa jiraniin baajata murtaa’aa jiru karaa qusannaafi of-eeggannoo qabuun hojiirra oolchaa tureera. Haata’uutii; fedhiin misoomaa ummatni gama hundaan qabu sadarkaa hundattuu olaanaa waanta’eef hawaasni naannichaa aadaafi duudhaa Oromoo gabbifatee naannoosaa yeroo, humna, beekumsa, ogummaafi qabeenya qabuun tajaajila bilisaan kenneen; ji’oottan jahan darbaniitti kenna tajaajila lammummaa gosoota garaa garaa tilmaama qarshii biliyoona 71.87 (%117) ta’u raawwatameera.

Haaluma walfakkaatuun aadaafi duudhaa walgargaarsa hawaasa Oromoo kan ta’e Buusaa Gonofaan balaa nam-tolcheefi uumamaatin hawaasa miidhame sirna ittiin gargaaran deeggaraniifi deebisanii ittiin dhaaban hojiirra oolaa jiruun, ji’oottan jahaa bara 2016tti miseensota Buusaa Gonofaa miliyoona 9.65 (%321.7)horachuun danda’ameera. Waliigalaanis hanga ammatti miseensota miliyoona 21.11 horatameera. Ji’oottan jahaa bara kanaa keessattis gumaata miseensummaa, gumaata buusaa gonofaafi nyaata barattootaaf qarshii biliyoona 5.05 walitti qabameera.

Bara 2016 kana keessatti raawwiin karoora xiiqii galmeessisne bu’uura hawaasa dinagdee ummata keenyaa lafa qabsiisuu karaa danda’uun milkaa’ina hunda galeessaa galmeessisneen; garaagarteen yoo jiraatees raawwii olaanaa jedhamee kan fudhatamuu danda’uu dha.

Kanaafuu hojiiwwan harca’anii hafan yeroo hafe keessatti gahumsaafi qulqullina barbaadamuun raawwaachuun murteessaa yommuu ta’u; hordoffiifi deeggarsi kabajamtoota miseensota Caffee fi tumsi hawaasa Naannoo Oromiyaa yeroo kamiinuu caalaa barbaachisaa waan ta’eef yeroo ji’oottan hafan keessatti tumsa gamaa hundaa taasisuun karoora xiiqii bara kanaaf qabame milkeessuurratti akka tumsan Pirezidantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa xumura gabaasa raawwii karoora hojiiwwan qaama raawwachiiftuu ji’oottan jahaa bara 2016 (Adoolessa 1/2015 - Mudde 30/2016), Walga’ii Idilee 6^{ffaa} Waggaa 3^{ffaa} Bara Hojii Caffeen 6^{ffaa}, Caffee Oromiyaatiif dhiyeessan irratti yaadachisaniiru.

Gabaasa raawwii karoora hojiiwwan Qaama Raawwachiiftuu ji’oottan jahaa bara2016 (Adoolessa 1/2015 - Mudde 30/2016) yaa’ii idilee 6^{ffaa} waggaa 3^{ffaa} Bara Hojii Caffee 6^{ffaa} dhiyaateera kan fudhatame:

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Morkaa Giddumaaf

B/jirtanitti

Himattuu Aadde Zannabachi Alamuufi himatamaa isin gidduu falmii qarshii jiruuf himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 5:30 irratti dhiyaattanii deebii akka kennitan manni murtii ajajeera. M/M/A/Aqaaqii

Addunyaa Zarihun kaartaan abbaa qabeenyummaa mana lakk. addaa iddoosaa ERK/553/07, lakk. kaartaasaa L/X/L/D/7155/07 ta’e, hayyamni ijaarsaa, nagaheen gibiraafi pilaaniinsaa na jalaa badeera jedhaniiru.Kanaaf qaamni ragaalee kana arge ykn sababa garaagaraatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, kun hintaane taanaan ragaaleen haaraan kan bakka buufamuuf ta’uu ni beeksifna.B/M/ Shaggaritti W/L/K/M/Laga Xaafoo Laga Daadhii

Dhaabbata Ijaarsaa Waliigalaa Asem Waldaa Dhuunfaa Ittigaafatamummaansaa murtaa’eef Obbo Maammoo Qaxxalaaf Obbo Ejjetaa Maqaasaa Dinguuf Obbo Asmaruu seefuuf Obbo Caalaa Calqabaaf

Himataa Waajjira Barnootaa Godina Shawaa Lixaafi himatamtoota isin gidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee himatamtoonni himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 27/7/2016 sa’aa 4:00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan, kan hin dhiyeeffanne yoo ta’e ammoo mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan bira darbamee bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu beeksifna. M/M/OI/Godina Shawaa Lixaa

Dhaabbanni/Waldaa IMX ‘BGAD’ jedhamu kaartaan lafa investimantii liiziin fudhatee lakk.isaa Bur/inv/107/15 bal’innisaa M² 1400 ta’e kutaa magaalaa Buraayyuu keessatti maqaa dhaabbatichaatiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedheera. Kanaaf namni ragaa kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf deebisuu yoo baate kan duraanii akka badetti lakkaa’amee haftee orjinaalaa faayila keessa jirurraa kooppiin mirkanaa’ee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. B/M/N/Oromiyaatti W/L/Magaalaa Shaggar

Obbo Daammanaa Kabbadaaf

B/jirtanitti

Murtii abbaa mirgaa Baankii Siinqee Shawaa Kibba Lixaafi murtii abbaa idaa isin gidduu falmii jiru ilaalchisee akka murtiin kennametti raawwattaniittu yoo ta’e raawwachuu keessan, kan hin raawwanne yoo ta’e sababasaa baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 8:00 irratti dhiyaattanii akka ibsitan manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Shawaa Kibba Lixaa

Aadde Roozaa Kamaaliif

B/jirtanitti

Himattuu isiniifi himatamaa Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shananii N-2 gidduu falmii waa’ee qabeenyaa jiru ilaalchisee waan himatamtaniif baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 3:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin adeemsifamee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/kutaa Magaalaa Bokkuu Shananii

Caalbaasii

R/himataa Tasfaayee Baqqalaafi R/himatamaa Nadhii Ashiim gidduu falmii waa’ee raawwii jiruuf qabeenyaan mana jireenyaa magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo aanaa Malkaa Gafarsaa keessatti argamu tilmaama ka’umsa caalbaasii qarshii 992,700n gaafa 13/8/2016 sa’aa 4:00-7:00tti caalbaasii ifaan akka gurguramu waan murtaa’eef namni bitachuu barbaadu dhiyaatee bitachuu kan danda’u ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Sh/K/Lixaatti /M/A/Walisoo

Bakka buutuu seeraa Aadde Mirti Dabalee kan ta’an Aadde Salaamaawiit Abbabaa kaartaan iddoo mana jireenyaa magaalaa Duukam keessatti argamuu lakk.isaa MK1127/97 ta’e maqaa Aadde Mirti Dabaleetiin galmaa’ee jiru na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf sababa addaa addaatiin namni kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine abbaa dhimmaa kana kaartaa kooppiin kan keessummeessinu ta’uu beeksifna. W/L/K/Magaalaa Duukam

Aadde Gannat Girmaa Dammaqaatiif

B/jirtanitti

Iyyataa Obbo Taammiruu Dassee Zagayyeefi waamamtuu isin gidduu falmii dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee iyyataan isin waliin gaa’ela ragga’ee jirun qaba jechuudhaan akka diigamuuf mana murtiitti iyyataniiru.Kanaaf waamamtuun mormii yoo qabaattan hanga gaafa 25/7/2016tti mana murtiitti dhiyaattanii akka ibsattan beeksisaa bu’aasaa eeguuf baallamni gaafa 26/7/2016 sa’aa 8:00 baallamameera. M/M/OI/G/Sh/Kaabaatti M/M/A/Warra Jaarsoo

Naggaa Keebaachiif

B/jirtanitti

Iyyataa Yisaaq Kabbadaafi waamamaa isin gidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 20/7/2016 sa’aa 3:30 irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu ni beeksifna. M/M/OI/M/Bishooftuutti M/M/A/K/Magaalaa Dhibayyuu

Aadde Haannaa Laashittawu Libireen konkolaataa Toyootaa lakk.gabateesaa OR-02-12360, lakk. shaansii LN1060152063, moodeela LN106L-PKMRS, lakk. motoraa 3L-4314297 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf libiree bade kana sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti waajjira keenyatti yoo hin gabaasne libireen kan biraan bakka buufamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. B/M/Shaggaritti W/Geejjibaa Kutaa magaalaa Furii

Obbo Getaahun Tashoomaatiif

B/jirtanitti

Himattuu Aadde Haannaa Warquutiifi himatamaa isin gidduu falmii maatii jiruuf mana murtii kanatti waan himatamtanii jirtaniif baallama gaafa 27/7/2016 sa’aa 9:00 irratti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti ilaalamee murtiin kan kennamu ta’uu beeksifna. M/M/A/K/M/ Galaan

Obbo Taayyee Dhoowaa waan du’aniif: haati warraasaanii Aadde Baqqaluu Caalaafi ijoolleensaanii: Firaa’ol Taayyee, Naafyaad Taayyee, Yoordaanos Taayyee, Darajjee Taayyee, Aanduu’aalam Taayyeefi Yohaannis Taayyee mana jireenyaa magaalaa Tulluu Boolloo ganda Araddaa keessatti argamu dhaaltummaan akka argannu Manni Murtii Aanaa Bachoo waan nuuf mirkaneesseef nuuf haa raawwatamu jechuun nu gafataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/M/Tulluu Boolloo

Aadde Dabbuu Taaffasaatiif

B/J

Himataa Firoomsaa Bokonnoniifi himatamtuu isin gidduu falmii qabiyyee dhaalaa jiruuf isin himatamuu keessan beektanii deebii barreeffamaan qopheeffattanii baallama gaafa 25/7/2016 sa’aa 5:00 irratti akka dhiyaattan, kan hin qopheeffanne yoo ta’e mirgi deebii keessan barreeffamaan dhiyeeffachuu bira darbamee falmiin afaanii kan dhagahamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Gumbichuu

Aadde Oromiyaa Muhaammadiifi Obbo Kadir Aliyyiif

B/Jirtanitti

Himattuu Aadde Oromiyaa Muhaammadiifi himatamaa Obbo Kadir Aliyyii gidduu falmii dhirsaafi niitii jiru ilalchisee murtii dhaddacha guyyaa 18/9/2015 ooleen kennamee turerratti mormituu 2^{ffaa} Aadde Maakidaa Muhaammadiin mormiin kan dhiyaate ta’uu hubattanii deebii keessan ragaalee barreeffamaa qabdan wajjiin qabattanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/M/Adaamaatti M/M/A/Ku/Magaalaa Boolee

Obbo Bulaa Tasfaayeetiif

B/jirtanitti

Himataa Obbo Gaaddisaa Dirribaafi himatamaa isin gidduu falmii qarshii jiruuf himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 4:00 irratti M/M/A/K/Magaalaa Galaanitti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmi keessan bakka isin hin jirretti ilaalamee murtiin kan itti kennamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/K/M/Galaan

Turaa Qalbeessaatiif

B/jirtanitti

Ol iyyataa Shaggar Maayikiroo Faayinaansiifi deebii kennaa/himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 9:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Shawaa Kibba Lixaa

Xurunash Macheesaatiif

B/jirtanitti

HimataaTafarii Mootummaafi himatamtuu isin gidduu falmii waa’ee qarshii jiruuf himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 8:00 irratti mana murtiitti akka dhiyaattan ajajamtaniittu. M/M/OI/G/Sh/K/Lixaatti M/M/A/Walisoo

Caalbaasii

Mana/Gamoo daldalaa maqaa Obbo Tasfaahun Pheexiroos Shaawuliingalmaa’ee godina Shawaa Bahaa Aanaa Fantaallee magaalaa Mataaharaa ganda Dirree Gobbuu keessatti argamu lakk. kaartaasaa 1477/2000, ballinnisaa M² 2000 ta’e Baankiin Siinqee (W.A)Damee Baarentuu sababa maammilli qarshii liqeeffate deebisuu didaniif gatii ka’umsaa qarshii 8,407,441.39n gaafa 15/8/2016 sa’aa 4:00-7:00tti caalbaasii ifaa ta’een waan gurguruuf qaamni ykn namni bitachuu barbaadu 1/3^{ffaa} gatii ka’umsaa Baankii Siinqee Damee Baarentuutti CPO galii gochuun dorgomee bitachuu kan danda’u ta’uu beeksifna. Odeeffannoo dabalataaf bil.0222124181/0221118545n bilbiluun ni danda’ama. Baankii Siinqee Ditiriiktii Adaamaa Damee Baarentuu

Caalbaasii

Manajireenyaa maqaa Aadde Rahimaa Ganamoo Buqulootiin galmaa’ee godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa magaalaa Adaamii Tulluu ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa WMMLMA/402/767/2012 ykn A138/1815/2012, ballinnisaa M² 200 ta’e maammila Baankii Siinqee (W.A)Damee Baatuu kan ta’an Aadde Rahimaa Ganamoo liqii liqeeffatan sababa deebisuu didaniif gatii ka’umsaa qarshii 814,889.85n gaafa 15/8/2016 sa’aa 4:00-7:00tti caalbaasii ifaa ta’een waan gurguruuf qaamni ykn namni bitachuu barbaadu 1/3^{ffaa} gatii ka’umsaa Baankii Siinqee Damee Baatuutti CPO galii gochuun dorgomee bitachuu kan danda’u ta’uu beeksifna. Odeeffannoo dabalataaf bil.0461413303/0221118545n bilbiluun ni danda’ama. Baankii Siinqee Ditiriiktii Adaamaa Damee Baatuu



Henook Bareechaa

B/jirtanitti

Himattuu Yashiimmabeet Taaddasaafi himatamtoota 1^{ffaa} Henok Bareechaafi 2^{ffaa} Masaayi Kabbadaa gidduu falmii waliigalteen haa haqamuu jiru ilaalchisee isin himatamaa 1^{ffaa}n mana murtii kanatti kan barbaadamtan waan ta’eef, himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 5:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Walisoo

Addunnaa Gonfaaf

B/jirtanitti

Himattuu Galaanee Bokiifi himatamaa isin gidduu falmii dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee isin himatamaan himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 3:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Meettaa Roobii

Birhaanee Dassaalanyi nagaheen lakk.isaa 603692 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni nagahee kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhiyaachuu yoobaate raga kana kan bakka bu’u kan kennamuuf ta’uu beeksifna.W/L/K/Magaalaa Malkaa Noonnoo

Obbo Amiir Abdurhamaaniif

B/jirtanitti

Himataa obbo Adinaan Abdurraazaaqiifi himatamaa isin gidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee galmeen cufamee ture waan socho’eef, isin himatamaan kanuma beektanii baallama gaafa 20/7/2016 sa’aa 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/Magaalaa Adaamaa

Kumalaa Mootummaafa’aaf

B/jirtanitti

Himataa Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Liqqii Xixiqqaa Isheet Damee Sabbataafi himatamaa isin gidduu falmii maallaqa liqii jiru ilaalchisee isin himatamaa tokkoffaan (Kumalaa Mootummaa) himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 24/7/2016 sa’aa 5:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/Go/Sh/Ki/Lixaa

Aadde Buzunash Birhaanuu nagaheen lakkoofsisaa 432532 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef raga bade kana kan bakka bu’u naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga bade kana kan bakka bu’u kan kenninuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/M/Shaggaritti W/L/K/Magaalaa Malkaa Noonnoo

Kumaa Baqqalaaf

Bultoo Baqqalaaf

Bayeechaa Baqqalaaf

Tarruu Baqqalaaf

B/jirtanitti

R/himataa Magartuu Baqqalaafa’aa N-2fi R/himatamtoota isin N-4 gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee murtii isinitti murtaa’e akkaa itti murtaa’een raawwattanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa4:00 irratti akka dhiyaattan raawwattanii kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin (r/himatamtoonni) hin jirretti kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna. M/M/A/Walmaraa

Lammaa Dabalee nagaheen mirriitii lafa mana jireenyaa lakk.isaa 0010140 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni ragaa kana argine jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Bulchiisa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti akka dhiyeessu, kan hin dhiyeessine yoo ta’e ragaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/K/Magaalaa Mana Abbichuu

Aadde Faaxumaa Kadir Dheekkoo nagaheen fudhannaa lafaa lakk.isaa 777284, nagaheen gibirri bara 2010 ittiin kaffalame lakk.isaa 0023176, kan bara 2011 kan ittiin kaffalame lakk.isaa 0858003 ta’e na jalaa badaniiru jedhaniiru. Kanaaf qaamni nagaheewwan kana arge yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyootii hojii 10 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurriitti akka deebisu, guyyaa jedhame kana keessatti kan hin deebifne yoo ta’e nagaheewwan kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu beeksifna. W/Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Obbo Gizaachoo Baqqalaaf

B/jirtanitti

Iyyattuu Ayyalachi Didhaa isin waamamaan bara 2013 kaasee badanii waan jiraniif murtiin badinsaa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaaf waamamaan bakka jirtanirraa baallama gaafa 7/8/2016 sa’aa 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Ada’aa Barga

Obbo Haamiid Dameetiif

Obbo Kamaal Raffisootiif

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Baatuufi himatamtoota isin gidduu falmii maallaqa liqii jiru ilaalchisee M/M/OI/Go/Shawaa Bahaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 5:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Shawaa Bahaa

Obbo Dirribaa Yaadateef

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Baarentuufi himatamaa isin gidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 10:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/Magaalaa Adaamaa

Obbo Shaalloo Kabbadaatiif

Obbo Tarrafaa Dirribaatiif

Obbo Abdallaa Abbuushiif

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Baatuufi himatamtoota isin gidduu falmii maallaqa liqii jiru ilaalchisee M/M/OI/Go/Shawaa Bahaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 23/7/2016 sa’aa 4:40 irratti dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Shawaa Bahaa

Obbo Amaan Daaluutiif

B/J

Himataa Baankii Siinqee Damee Baatuufi himatamaa isin gidduu kan jiru falmii maallaqa liqii ilaalchisee M/M/OI/G/Sh/Bahaatti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 4:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan,kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan geggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/Godina Shawaa Bahaa

Aadde Dibaabee Girmaatiif

B/jirtanitti

Himataa Darajjee Kidaaneefi himatamtii isin gidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 25/7/2016 sa’aa 4:30 irratti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Yaayyaa Gullallee

Aadde Shawiit Katamaaf

B/jirtanitti

Himataa ajajaa Shantamaa Indaalee Lammeessaafi himatamtuu isin gidduu himannaa jiru ilaalchisee isin himatamuu keessan beektanii deebii keessan qabattanii baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 3:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Walmaraa

Caalbaasii

Murtii abbaa mirgaa Adaanaa Baldaafi murtii abbaa idaa Daawwit Birhaanuu gidduu falmii waa’ee raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee manni jireenyaa G+0 kan murtii abbaa idaa ta’e magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Daabee Aanaa Hangaatuu keessatti lafa M² 99.91 irra qubatee jiru, ka’umsa caalbaasii qarshii 2,137,348n gaafa 26/8/2016 sa’aa 3:00-6’’30tti caalbaasii ifaan akka gurguramu M/M/W/O/Dh/Dh/Bahaa ajajeera. Kanaaf namoonni bitachuu barbaaddan guyyaa, iddoofi sa’aa ibsametti argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu beeksifna. M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Baha Oromiyaa

Aadde Masarat Nasiroof

B/Jirtanitti

R/himataa Dajanee Asaffaafi R/himatamtuu isin gidduu falmii siiviilii qarshii jiru ilaalchisee isin raawwiin himatamtuun murtii isinirratti raawwattanii akka dhiyaattan ykn sababa hin raawwanneef quubsaa yoo qabaattan baallama gaafa 27/7/2016 sa’aa 3:30tti dhiyaattanii akka ibsitan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Ku/Mag/Dambalaa Dh/H/Hawaasaa

Aadde Warqinash Qana’aa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Adaamaa ganda G/Luugoo keessaa qabanii lakk.isaa 0256/2004 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf namni ykn qaamni kaartaa kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/Magaalaa Adaamaa

Obbo Mohaammadsaafii Juhaar kaartaan lafaa maqaa kootiin galmaa’ee kutaa magaalaa Luugoo waajjira lafaa Aanaa Bareecharraa naaf kenname lakk.isaa 5092/81 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni sababa addaa addaatiin kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. B/M/Adaamaatti K/M/Luugootti W/L/Aanaa Bareechaa

Aadde Assallaf Taaddasaa nagaheen lakk.isaa 0870701 ta’e maqaa kootiin galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni sababa garaagaraatiin nagahee kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu baate nagahee kooppiitiin abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaachisu kan kenninuuf ta’uu beeksifna. W/L/Kutaa Magaalaa Duukam

Aadde Adaanachi Tasammaa Tolaa nagaheen lakk. isaa 1437494 ta’eefi waliigalteen bittaafi gurgurtaa 01526/2002 ta’een galmaa’e magaalaa Duukamirraa naaf kenname na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni sababa addaa addaatiin ragaawwan kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiessine abbaa qabeenyaa kanaaf tajaajila barbaadan nagahee ykn raga kooppiin kan keessummeessinu ta’uu biiksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam

Aadde Tsaggaa Kidaanee Nagahee Lakk. isaa 870071, ta’ee maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, nagahee kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Raawwii hojii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kurmaanota lamaan jalqabaa bara 2016

(Kan darberraa kan itti fufe)

Manni murtii aadaa hundaa'uun ummanni aadaafi duudhaasaa ganamaatti deebisaa jiraachuun, dhimmoota karaa murtii idileetiin furmaata dhabanirratti furmaata kennaa jiraachuun baasii abbootii dhimmaa tilmaama xiqqaadhaan dhimmoota mana murtii aadaatiin furmaata argatan 172,220 irratti giddugaleessaan namoota lama (himataafi himatamaan) yoo jiraatan, dhimmi tokko osoo mana murtii idilee deemee jiraatee baallama shaniin yoo xumurameefi namni tokko baasii xiqqaadhaan mana murtii aanaa deemuuf qar.500 kan baasu yoo ta'e (172,220 x 2 x 5 x 500 = qar. 861,100,000) abbootii dhimmaarraa hanbisee jira.

Bara kana manneen murtii aadaa dandeettiisaanii cimsuu; deggersa ogummaafi meeshaalee taasisuu, labsiifi danbiirratti itti fufinsaan hubannoo uumuu manneen murtii sadarkaan jiraniin hojjetamuu akka qabu kallattiin kennamee hojjetamee jira.

Manneen murtii aadaa cimsuu ilaalchisee manneen murtii aadaa hedduun gaadisa akka ijaarratan, nagahee akka maxansiifatan akkasumas barreessaa akka qaxaratan taasifamee jira. Fakkeenyaaf Harargee Lixaa guutummaa guutuuttu barreessaa akka qaxaratan taasifamee jira. Galii mataa isaanii akka qabaatan taasisuuf hojii hojjetameen manneen murtii aadaa hedduun gumaataafi galii adda addaa irratta maallaqa akka walitti qabatan taasifamee jira.

Muuxannoo gaggaarii argaman ilaalchisee qindeessanii miidiyaa fayyadamuun akka dabarsan taasifamaa jira. Manneen murtii sadarkaan jiran sirna to'annaafi hordoffii haala cimsuu dandeessisuun "fookal Person" akka ramadan taasifamee jira. Hojii manneen murtii aadaa cimsuu ilaalchisee dhaabbilee barnootaa Ol'aanoo Oromiyaa keessa jiran waliin mariin magalaa Baatuutti walta'insa yunivarsiitii naannoo Oromiyaafi mana murtii waliigala Oromiyaatiin taasifamee jira.

Mariin kunis dhaabbileen haala ittiin manneen murtii aadaa naannoo isaaniitti argaman deeggaran irratti kan xiyyeeffatedha. Deggersi kunis deggersa qabeenyaafi ogummaa akkasumas qorannoowwan adda addaa geggeessuu kan dabalatudha.

Gama birootiin gamaaggamni raawwii hojii manneen murtii aadaa Oromiyaa kan kurmaana jalqabaa sadarkaa naannootti godina Jimmaa magaalaa Jimmaatti bakka Itti gaafatamtoonni waajjira aadaafi Turiizimii godinaaleefi naannoo akkasumas bakka Pirezidaantonni manneen murtii Ol'aanaafi jaarsoliin mana murtii aadaa argamanitti akka gaggeeffamu taasifame ciminaaleefi hanqinaalee mul'atan irratti mari'atamee kallattiin fuula duraa gama

manneen murtii aadaan murtii jalqabaaf ol dabarfataan akka ilaalaman taasifamee jira.

- Qulqullina tajaajila abbaa seerummaa fooyya'e

Qulqullina kenna tajaajila abbaa seerummaa mirkaneessuun amantaa uummataa horachuun manneen murtiitiif dhimma ijoofi murteessaadha. Tarsiimoo kana keessaa qulqullinaan mirkaneessuuf hojiileen hojjetaman bu'aa gaarii argamsiisaa jiraatanis dhimmi qulqullinaa ammallee xiyyeeffannoon hojjetamuu akka qabu komii uummataafi gamaaggama raawwii hojii yeroo garaagaraa gaggeeffamaa jiru irraa hubatamee ciminaan hojjetamaa jira.

Bu'uuruma kanaan, hanqinoota qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti mul'ataa jiran furuudhaaf Manneen Murtii bu'aalee yeroo dheeraa, giddu-galeessaafi yeroo gabaabaatti galmaa'uu qaban adda baasuun haala walitti hidhamiinsa qabuun irratti karoofatanii hojjetaa jiru.

Qulqullinni kenna tajaajila abbaa seerummaa gama manneen murtii qofaan kan milkaa'u akka hin taane ni beekama. Haaluma kanaan dhimmoota keessaafi alaan qulqullina tajaajila abbaa seerummaa miidhuu danda'an adda baasuun xiyyeeffannoon irratti hojjetamaa jira.

Qulqullinaan mirkaneessuuf himanniifi ragaan dhiyaatu dhugaarratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Kana keessaatti qaamoleen gahee qaban abukaatota dhuunfaa, barreessitoota iyyata seeraafi qaamoleen haqaa kanneen biroo dabalatee gahee isaanii akka bahan, qaamoleen ragaa waliin manneen murtii sadarkaan jiran marii gaggeessuu, hubannoo uumuu akkasuums tarkaanfii barbaachisa fudhataa deemuuf ciminaan itti fufee hojjetamuu akka qabu hubatamee jira.

Ragaa sobaa xiqqeessuuf hojii ittisa ragaa sobaa irratti ciminaan hojjechuu, qaamolee adda addaa abbootii gadaafi abbootii amantaa waliin miidhaa ragaan sobaa hundee haqaa irratti fiduu maluu irratti hubannoon akka uumamu namoota ragaa sobaa bahanis hawaasni akka saaxiluu hubannoon akka uumamu manneen murtii ciminaan akka irratti hojjetan taasisuun raawwatamaa jira.

Qulqullina kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa fooyyessuuf gama sirna diriirsuutiin labsiiwwan, danbiwwaniifi qajeelfamoota qophaa'an karaa guutuu ta'een itti fufinsaan hojiirra akka oolan hojjetamuu qaba. Gama kanaan, keessumattuu sirnootni diriirfamanii hojii irra jiran labsii 216/11fi labsii Lakk 217/11 dabalatee irra deebiin akka fooyya'an hojjetamaa jira.

Akkaataa qulqullina tajaajilaa fooyyessuun hojiiwwan dandeettii humna namaa cimsuu,

karoora irratti mariisuu, leenjiiwwan ogummaafi dandeettii cimsan kennamanii jiru. Sadarkaa naannoo MMWotti dhimmoota garaagaraafi karoora hojii bara 2016 irratti Pirezidaantota manneen murtii aanaalee 331, miseensota koree bulchiinsaa manneen murtii Olaanaa 27 namoota 81fi hawaasa manneen murtii waliigalaa 376 walumaa galatti namoota 788 ta'a waliin mariin gaggeeffamee hubannoon uumamee jira.

Haaluma kanaan, addatti haala qulqullinaaf gumaachuun hojiin leenjii kennuun dandeettii cimsuu abbootii seeraa baay'inni isaanii 1,939 ta'aniif kennamee jira.

Gama biraatiin galmeewwaan murtii argatanii sirnaafi seera diriirfameen sadarkaa manneen murtii hundatti sakatta'amaa akka deemuufi hanqinaalee sakatta'inaan addaan ba'an irratti xiinxala gaggeessuun akka furamuuf hojiin eegaleme itti fufinsaan hojjetamaa jira.

Akka waliigalaatti qulqullina kenna tajaajila abbaa seerummaa fooyyessuuf bu'aalee yeroo gabaabaa eegaman sadii (Haqa-qabeessummaan murtiiwwanii dabale, tilmaamamummaa murtiifi wal-fakkeenyummaan hiikkoo seeraa fooyya'eefi madalamummaa adeemsa falmii cime) irratti ciminaan hojjechuun qulqullina kenna tajaajila abbaa seerummaa dabaluu akka danda'amu karoofamee hojjetamaa jira. Haaluma kanaan walakkaa waggaa kana keessatti gurguddoon hojjetamaniifi bu'aaleen argaman akka armaan gadiitti ibsamee jira.

- Bilisummaa, itti gaafatamummaafi iftoomina mana murtiifi abbaa seeraan cime

Bilisummaa, itti gaafatamummaafi iftoomina mana murtiifi abbaa seeraa cimsuun kallattii gurguddoo irratti hojjetamaa jiru keessaa isa tokkodha. Bilisummaafi itti gaafatamummaan wal-madaalaa ta'e akka jiraatu taasisuuufi rakkoolee turan keessaa bahuudhaan jijjiirama bu'uura fiduuf kallattii labsii, dambiileefi qajeelfamoota jiran irratti hubannoon uumamee xiyyeeffannoon hojiirra akka ooluuf karoofamee hojjetamaa jira.

Haaluma kanaan, hojimaata badaa bilisummaa MMfi abbaa seerummaa irratti mul'atan maqsuuf, ajajniifi murtiin manneen murtii karaa guutuu ta'een akka hojiirra ooluu hojjechuu, seerotaafi hojimaata bilisummaa MMfi abbaa seeraa danqan qorachuun akka sirreeffaman taasisuu, hooggansi mana murtiifi abbootiin seeraa bilisummaa kabachiisuufi kabajuuf sirna diriire hojiirra akka oolchan hordofuufi deeggaruu, ajaja karaa mana murtiin kennamu duguuganii kennuufi bu'aa ajajaa hordofanii raawwachiisuufi kkf irratti ciminaan hojjechuun murteessaadha.

Hojiin hawaasa manneen *Gara fuula 3tti*

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Galaanaa Kumarraa

Miira beelaafi maaliif akka beelofnu

Namoonni tokko tokko galgala baayyee quufanii bariituusaa yoo irribaa dammaqan miira beelaa jabaa waliin akka dammaqan dubbatu. Mirrii beelaa kun guyyaa haala gahaa ykn sadarkaa quufa jedhamee hin ibsamneen sooratan itti dhagahamu ni caala. Miirichi namaa namatti gargar waan ta'eef namoonni miirri akkasii itti dhagahamee hin beekne hedduun ni jiraatu. Namoonni baayyeen hanga nyaatanirraa kan ka'e dhiyootti maaddiitti waan deebi'an itti hin fakkaatu. Kaan ammoo sababa guddaa nyaataniif inumaa yeroo kaan caala. dafanii beela'u. Sababnisaas qorannoo soorataafi xiinsammuun ibsamuu danda'aa?



Namoonni quuftanii bultanii ganama beela'aa kaatan hin yaaddahiinaa. Isin qofa miti. Qorannoon damee soorataan walqabatanirratti godhamu ammallee sadarkaa waa hunda ibsee xumurerra gahuu baatus, ogeeyyiin sababoota ijoo miira akkasii duuba jiran ibsuuf yaalaniiru. Akka ogeeyyiin jedhanitti nyaata hangaan baayyee nyaachuun wantoota hedduu jijjiiruu akka danda'uufi sana keessaa tokkommoo miirri beelaa akka nutti dhagahamu gochuu ta'uu dubbatu.

Sababnisaas waan garaan keenya guddaa sooratee bal'atuufi yaadni jedhu kan ka'u ta'us ogeeyyiin kaan kun gonkumaa sirrii ta'uu hin danda'u jedhu. Dhugaadha wayita baayyee nyaannu garaan keenya ni bal'ata, yoo beelofne ammoo ni xiqqaata. Yuunivarsiitii Diillaatti barsiisaa kan ta'an Dr. Yihunee Ayyelee ogeessa saayinsii soorataafi sirna sorataati. Yaada BBCf kennaniin, sooranni gaaraa keenya keessa jiru sa'aa afur keessatti daakamee raawwata jedhu. Kana booda "Miirri beelaa nutti dhagahamu dhaamsa sammuun keenya qaama keenya biroorraa fudhatee deebisee dhaamuun beekamaa" jedhu.

Galgala akka malee quufnee bullee ganama miirri beelaa cimaan maaliif nutti dhagahama kan jedhurratti garuu qo'annoo addatti godhame quba akka hin qabnes kaasu. Garuu ammoo gosti soorataa baayyinaan fudhannee garaa nu qabee dafee daakamu jiraachuus dubbatan. Gama kanaaniin ammoo "Sammuun keenya sababoota garaagaraan dhaamsa hormoonotarraa argatuun miira beelaa dhugaa

hin taane yeroon itti dabarsus jira jedhu Dr. Yihuneen. Garaan dhala namaa liitira 1-2 qabatu haala soorataa argaturratti hundaa'uun bal'achuus dhiphachuus danda'a. Garuu ammoo hangisaa dheerina ykn ulfaatina qaama qabnurratti hundaa'uun gargar miti. Dhaamsa garaacharraa ka'uun hormoononni hanga sadii ta'an sammuun keenya ergaa miirri beelaa akka nutti dhagahamu godhu maddisiisu. Hormoononni NYP fi AgRP jedhaman miira beelaa nutti dhagahamuuf sababa ijoodha. Miira quufaa hormoononni oomishan ari'achuun beelli akka nutti dhagahamu godhu. Hormoononni miira beelaa namatti dhageessisan ammoo kaan caala namoota hanga baayyee nyaatan keessa baayyinaan waan jiran fakkaata. kunis sirni Indookraayinii hammam walxaxaa akka ta'e agarsiisa.

Yuunivarsiitii Maastrich keessatti qorattuu kan turte Kaaroliin Vaan den Akker miirota beelaafii quufaa sammuun keenya dhaamuun cinaatti amalli soorannaa yeroo murtaa'e tokkotti goonu amala ta'aa adeemee miirri beelaa ykn fedhiin waa soorachuu akka dhufu gochuu dand'a jedhu. Akka isaan jedhanitti maatiifi fira waliin akkaa ol erga nyaattanii booda takka jettanii beelli guddoon isinitti dhagahamuun badaa waan raaju mitii jedhu. Deebitanii waan nyaattan haala hin fakkaanneen erga quuftanii booda booriituusaa ykn guyyuma sana sa'aa muraasa booda beelli kan isinitti dhagahamu garaan keessan waan bala'ateef osoo hin taane soorata baayyee nyaachuutti garaan keessan waan bareefi (madaqeefi) ibsa jedhus kennu. Ibsi biraan kennamu ammoo galgala akka malee yommuu quuftan hanga

sukkaaraa qaama keessa jiru baayyee ol ka'ee yeroo murtaahee booda dafee gadi bu'uudha. Miirri beelaa guddaan namatti dhagahamu sun wayita hangi sukkaaraa qaamaa tasa akkaan gadi bu'u mudata kan jedhudha.

Ofii maaliif beelofna?

Ogeeyyiin damee fayyaa gaffii bu'uuraa garuu ammoo deebiisaa walxaxaadha jedhu. Yuunivarsiitii Liidsitti barsiistuu appitaayitiifi furdina hangaa olii kan ta'an Dr. Kiristiin Biyoolee "Damee qorannoo kootti beelli fedha baayoloojikaalaaf deebii kennuuf waa soorachuuf wanta dhiibbaa uumu jedhamee ibsama" jedhu. Yaada kana bifa salphaa ta'een yoo ibsan ammoo beela'uu jechuun qaamni keenya kuusaa anniisaa keenya guuttachuuf ykn hojiin qaamni keenya hojetu akka itti fufu gochuuf nyaachuu qabdu jedhee ergaa nuuf dhaamuudha jedhu. Ogeettiin kun qorannoon waayee miira beela'uu yuunivarsiitiin Liids geggeesse kan agarsiisu, miirri beelaa kan dhufu fedha nyaachuuf jirurraa akka ta'e agarsiisa jedhu.

Sadarkaa xiqqaa jedhamuttis fedhiin waa soorachuu miira beela'uu uumuu danda'u sochii qaamaan walqabatee akka dhufu Dr. Kiristiin ni dubbatu. "Mallattooleen akka garaan keenya duwwaa ta'uu, gulukoosiin dhiigaa xiqqaachuufi hormoononni appitaayitiin ykn fedhii nyaachuutiin walqabatanis akka beelofnu ykn miira beelaa uumuu danda'u."

Maddi BBC dha

Yirsaawu Mazgabuutiin, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Beddelleerraa

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'ura!



Godina Booranaatti boolli bishaan gadi fagoo qarshii mil.16 oliin hojjatame tajaajila kennuu eegale

W/K/Godinichaatiin

Godina Booranaatti boolli bishaanii gadi fagoo 10 dhaabbata "World Serve International" jedhamuun aanaalee Yaaballoo, Dubuluqi, Dirreefi Miyootti qarshii miliyoona 16 oliin hojjatamaa ture xumuruun tajaajila kennuu eegalchiiseera.

Dhaabbata "World Serve International" Itoophiyaatti daarektara kan ta'an, Paaster Katamaa Kinfee, dhaabbanni isaanii rakkoo hongee ummata miidhaa turerratti qorannoo gaggeessuun fala rakkoo kanaa kan ta'u boolli bishaanii gadi fagoo akka qotamu murteessuun bajata ramaduun turtii baatii jahaa keessatti hojjatamuun tajaajila hawaasaatiif akka oolchan dubbataniiru.

Bulchaa Godina Booranaa Obbo Abdusalaam Waariyoo, dhaabbanni "World Serve International" rakkoo hawaasni gama bishaan dhugaatiin qabu hubachuun yeroo gabaabaa keessatti hojjachuun



tajaajila hawaasaaf oolche galateeffatanii hawaasni godinichaas bishaan argate sirnaan kunuunfachuu akka qabu dhaamaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Bishaaniifi Inarjii Godina Booranaa Obbo Diida Carfoolee gamasaaniin boolli gadi fagoo aanaalee kanneenitti hojjatame kun rakkoo bishaan dhugaatii hawaasichi qabu

kan furu ta'uu eeruun, namoota hanga kuma 20 ol fayyadamtoota kan taasisu ta'uu himaniiru.

Jiraattonni aanaalee Yaaballoo, Dubuluqii, Dirreefi Miyoo boolli bishaan gadi fagoo kun hojjatameef tajaajila bishaan dhugaatii dhiyeenyatti argatan kun rakkoo gama kanaan qaban kan furuuf ta'uu dubbataniiru.

Biiron Daandiwwaniifi Loojistiksii . . .



Oromiyaatti sagantaa waliin gahinsa daandii baadiyyaatiin pirojeektonni 436, sadarkaa godinaaleetti riqaaleen 108 akkasumas sadarkaa naannootti pirojektoonni daandii 19fi riqaaleen 30 hojjatamaa jiraachuus Injinar Mahammad Nuur dubbataniiru.

Rakkoon nageenyaa, diizaayinii, humna dhabuun kontiraaktarootaa, hanqinni meeshaalee ijaarsaa, maashinarootaa, kabachiisa

daangaafi qaala'iinsi gabaa rakkoo bu'uura hojii daandii keessatti mul'ataa jiran ta'uu eeranii, rakkoo kana furuun pirojektoota yeroo qabametti xumursiisuun faayidaa hawaasaatiif oolchuuf xiyyeeffannoo olaanaan hojjachaa jiraachuus himaniiru.

Hojiin daandiifi riqaaalee fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf kan hojjataman



ta'uu hubatee ummanni deeggarsa walirraa hin cinne taasisuu akka qabus dhaamaniiru.

Kontiraaktaroonniifi gorsitonni qorannicharratti argaman yaada kennaniin, rakkoo qaala'iinsa meeshaalee ijaarsaa isaan mudate pirojektoota yeroon xumuruurratti danqaa itti ta'uu himanii, yeroo hafe kana keessatti xumuruuf kutannoon kan hojjatan ta'uu dubbataniiru.

Barattoota ciccimoofi dorgomoo . . .

danda'an waliin ta'uun hojjechuuf kan dandeessisuu himan.

Rakkoo cabinsa barnootaa akka Barsiisonni ogummaa barsiisummaa biyyaatti mudate keessaa bahuuf jaallatanii hojjechuun dhaloota

barsiisota leenjiin gahoomsuun hojii xiyyeeffannoon hojjetamuudha.

gahoomsuu keessatti gahee isaanii akka bahatan gochuuf kan hojjetamu ta'uu dubbatanii, milkaa'ina isaaf qindoominni murteessaa ta'uu himan.

“Hoggansi jijjiiramaa dhimma . . .

hingoonfachiisu”. “Har'a, 'qabsoon' mirga Oromoo ta'uuf taasifamu, humna qisaasuu bira darbee, mirga ummanni keenya gonfate kana lafa hinqabsiisu” jedhan.

Gulantaan qabsoo jijjiirama boodaa, mirga ofta'uu mirkanaa'e kana, hortee beekumsaa (saayinsiifi teknoolojii), dinagdeefi sirnaatin akka lafa gahu, qabsoo gochaa taasisuu akka ta'e hubachiisuun barbaada jedhan.

Kanarraa kan hafe, wal dhabdeen garaagarummaa laallee siyaasaa, tarsiimoo ykn adeemsa raawwii irraa maddu, dhimma hin mudanneefi hinfuramne akka hintaane yaadachiisun fedhas jedhan.

Itti dabaluu Obbo Shimallis “mootummaan keenya, garaagarummaa humnoota kana waliin jiru, mariifi marabbaan furee, qilleensa nagaafi humna waloomen, qabsoo gochaa fuuldura keenya jiru finiinsuuf, yeroo kamuu caalaa qophii ta'uu carraa kanaan ibsuun barbaada” jedhan.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!



Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Dubartii boca qaamasheen dhiiraan ol taate

Dubartiin lammii Hoolaand umrii waggaa 34 Jaakii Koor jedhamtu boci ykn dhaabbannaan qaamasheetii ogeessa filmii beekamaa duranii Arnoold Shawaaziingariin kan caalu ta’uunsaa addunyaa raajeffachiiseera.

Jaakiin sochii ispoortii taasifturraa kan ka’e jabinniifi boci qaamasheetii ogeessa filmii beekamaa jabinaafi boca qaamasaatiin addunyaarratti beekamaa ta’e Shawaaziingarirraa kan caalu ta’ee argameera. Boci qaama harkaa ykn irree Shawaaziingar iinchii 22 yoo ta’u, kanshee garuu lamaan caaluun 24 ta’eera.

Koor yeroo mara sochii qaamaa kan taasiftu yoo ta’u, dorgommii booksii harkaafi miilaan taasifamu ykn kiik booksiin beekamti. Bara 2020 sababa dhorkii weerara ‘Covid-19’n dorgommiin dhaabbachuusaan wal qabatee murtoo har’a ittiin beekamtii argatte ishee gonfachiisu jireenyasheerratti kan murteessite. Innis sochii qaamaa ijaarsa qaamaarratti hundaa’e akka dhuunfaatti eegaluusheeti. Kanaanis maashawwan qaamaa cimaa qabaachuu dandeesseetti. Ulfaatinnishees dachaan dabale.

Jijiirama qaamaa fiduushee miidiyaa hawassaarratti namoonni arganis, arrabaafi qoosaawwan adda addaa itti barreessuufi bilbilaafi qaamaan itti qoosaniifi qeeqanis isheen garuu sochii eegalte cimsitee itti



fufuun boca qaamaa dhiiraan dorgomu qabaachuu dandeesseetti.

Qeeqaafi arrabsoo kara miidiyaa hawaasaatiin isheerra gahurratti osoo hin xiyyeeffatiin namoota akkana godhan miidiyaasheerraa haquufi biilookii taasisuun jabina qamaashee cimsuurratti xiyyeeffachuushees himti. Furdinashee jabinaan deeggaruuf haala soorataafi sochii qaamaa taasisus nuffii malee ittuma fufte. Ulfaatina hir’isuurra akkaataa soorataa fayyaalessa ta’e hordofuudhaaf dursa kenna jetti.

Waantota humna kennaniif fayyadamuun ulfaatina kaasuun maashawwanshee cimsuuf hojjetti. Leenjiisheetiifis guyyaa guyyaattis puushaappii 100

if seetaappii 250 taasisuun dirqama. Sa’atii 2 ammoo jabina qaamaasheef ulfaatina kg 150 hanga 200 kan kaaftu yoo ta’u, ulfaatina kg 450 harkisuufi miilaan dhiibuus ni hojjetti.

Guyyaa guyyaan sochii ispoortii kana fakkaatu taasisuun akkaataa sooratasheetii to’achuun boca qaamaa ajaa’ibsiisaa kan dhiirotaa tuffachiisu kan gonfatte lammiin Hoolaand Jaakii Koor akkuma kan ishee qeeqaniifi itti qoosan jiran, dhiironni tokko tokko qaamaan ishee arganii muuxannoo irraa qooddachuun qaamasaanii jabeeffachuu akkasumas waliin bultoo ijaarrachuuf akka ishee barbaadan miidiyaan waantota ajaa’ibsiisoofi dinqisiisoo ta’an gabaasuun beekamu ‘Odity Central’ gabaaseera

Manneen jireenyaa Yuuroo Tokkoon

Biyyoota Awurooppaa hedduu keessatti sababaa karoora maatiifi walxaxiinsa jireenyaatiin baay’inni namootaa yeroodhaa gara yerootti xiqqaachaa deemun biyyoota kunneenitti yaaddoo guddaa uumeera.

Kanarraa kan ka’e akka namoonni daa’ima godhatan jajjabeessuuf deeggarsaafi onnachiiftuu adda addaa taasisu. Rakkoo olitti eerameefi rakkoo uumamaan biyyoota hubaman keessaa tokko Xaaliyaanii dha.

Xaaliyaan magaalota garreewwan gidduufi qarqara galaanaatti argaman hedduu biyya qabdudha. Bakkeewwan kunimmoo balaawwan uumamaa adda addaa hedduuf saaxilamoo waan ta’aniifi namoonni yeroo yeroon keessaa godaanu.

Biyya kana keessatti magaalonni adda addaa jiraattonni balaa uumamaan miidhamuuniifi dhala godhachuu dhiisuun onuun balaa dhabamuuf saaxilamaniiru. Mootummaan biyyattis namoota magaalota kunneen keessa jiraataniifi dhala godhataniif beenyaa kaffaluun jajjabeessuuf waamicha adda addaa taasisaa ture.

Paatiriikaan magaalaa guddoo biyyattii Room irraa kallattii Kibbaan fageenya km 76 irratti kan argamtu yoo ta’u, manneen jireenyaa hedduun jaarraa tokkoo oliif cufamanii ona ta’uun abbaa dhabaniiru.

Waggaa dhibba dura magaalaa hi’ituu jireenyaaf filatamtuu kan turte Paatriikaan rakkoo raafama



lafaafi uumamaa ishee mudateen jiraattonni gadhiisanii magaalaa Roomiifi magaalota birootti godananiiru.

Ammatti baayyinni jiraattotashee namoota kuma 3 kan hin caalle ta’uu bulchaan mandarittii Luusiyoo Fiyoodaaliisoo himanii, magaalattii sochiishee duriitti deebisuuf manneen jireenyaa abbaa dhabanitti lubbuu horuuf hojjetamaa jira jedhan.

Kanas dhugoomsuuf manneen kunneenitti abbaa godhuuf beeksifni gurgurtaa abbaa qabeenyummaa mana jireenyaa ajaa’ibsiisadha jedhame baheera. Manneen kanas namni Yuuroo tokko kaffale ni dhuunfata.

Kanaan dura mandaroonni Xaaliyaan Muusoomaliifi Azungoolii jedhaman rakkoon wal fakkaatu isaan mudatee ture keessaa bahuuf tarkaanfii fudhataniiin mandaroota onanii turanii dandammachiisanirraa muuxannoo akka fudhatan Fiyoodaaliisoon himaniiru.

Manneen jireenyaa ummanni keessaa godaaneefi waggoota 100 oliif gatamanii turan kunneeniif kaartaa haaraa qopheessuun maatiifi firootaaf deebisuuf yaaliinis hin milkooftne.

Yaalii isa xumuraan garuu manneen haareffamaniifi qulqulleeffaman kunneen gurguruun mandarittii deebisanii namootaan guutuuf hojjechaa jiraachuu CNNtti himuusaanii Odity Central gabaaseera.

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

16	Kallacha Oromiyaa	Bitootessa 19 bara 2016
Beeksisa caalbaasii R/himataa Obbo Mangistuu Tolasaafi R/himatamtuu Aadde Almaaz Getaachoo gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee manni jireenyaa magaalaa Shaggar Kutaa magaalaa Koyyee Faccee aanaa Waddeessaatti argamu abbaa ciisicha tokkoo piroojektii 11 lakk. bilookii 544 lakk. manaa 39 lakk. kaartaa 049186 ta’e bu’uura sdfs kew 277n mirkanaa’ee ture gatii ka’umsaa qarshii 1,042,244n gaafa 17/8/2016 ganama sa’aa 3:00-6:30tti caalbaasii ifaan waan gurguramuuf kan bitachuu barbaaddan yeroofi iddoo jedhametti argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu ibsaa, dorgomtoonni bitachuu barbaaddan waraqaa eenyummaa keessan ibsu, bakka bu’aa yoo taatan kan bakka bu’ummaa keessan ibsu, maallaqa harka 1/4^{ffaa} gatii caalbaasichaa qabachuun eddichatti argamuu akka qabdan manni murtii ni beeksisa. M/M/A/Kutaa Magaalaa Gafarsaa Gujee	Itti aanaa Inispektaraa Fireezar Yiggazuuf B/jirtanitti Ol iyyataa A/Alangaa Naannoofi waamamaa isin gidduufalmii dhimma yakka malaammaltummaa jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektaniibaallama gaafa 3/8/2017 sa’aa 3:30 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Baha Oromiyaa	Algaanash Baayyisaa Nagahee Lakk. isaa 1505200, Lakk. Galmee M-99 kan ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii
	Aadde Abbabech Shuumii Beenyaa waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyummaa Kaartaa Lakk. 236/2000 ta’ee maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru oriijinaalli na jalaa bade jechuun kan biraan akka bakka bu’uuf waan iyyataniif raga kana osoo bakka hin buusin namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 7 qaamaan argamuun akka gabaasu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Boolee	Aadde Yashii Tasammaa B/B Gammachiis Makonnin Nagahee Lakk. isaa 422638 ta’e maqaa Qananii Guddinaatiin galmaa’e waan jalaa badee bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka bu’ee isaa hojjennee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu
Obbo Guutaa Tulluu Nagahee Lakk. isaa 1497296, Lakk. Galmee G-915 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef najalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii	Obbo Amaan Sharafaa Rashiid mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan keessatti Lakk. Kaartaa isaa 11981/2002 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan	Aadde Misraa Sheek Kadiir mana jireenyaa Kaartaa Lakk. isaa 061/2009 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 10 keessatti yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Daabee
Obbo Akiliiluu Abarraa Baqqalaa Nagahee iddoo mana jireenyaa Lakk. isaa 179595 ta’e maqaasaaniitiin kennameef najalaa waan badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu qaamni raga kana argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatanii gabaasa gochuu yoo baate dhaabbata kanaaf tajaajila barbaadan nagahee kophiidhaan kan keessummeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam	MuhaammadAbdullaahi Nagahee Lakk. isaa 022851 ta’e maqaa Obbo Yashiixilaa Kifileetiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeef bakka bu’eesaa akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo	Aadde Elsaabeet Dastaa Nagahee Lakk. isaa 1115803 ta’e maqaa Iyyerusaalem Hayiluutiin galmaa’ee kennameef na jala bade jechuun ragaa bade bakka bu’eesaa akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu
Wubaat G/Sillaasee Baarihee waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyummaa Lakk. Kaartaa 4035/2003 ta’e Magaalaa Shanoo ganda Odaa keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka deebisu ta’ee, yoo kana hin taane ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo	Obbo Laggasee G/Hiyoot mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Caffee keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 43/83 ta’e maqaakootiin galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan biraa hojjetamee bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa	Aadde Nuuriyaa Abdallaa Kaartaafi Pilaanii Lakk. Kaartaa S/630/96fi S/1094/97fi Lakk. Galmee N-16 kan ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef mana galmee keessaa jiru na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu galmee namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Kaartaafi Pilaanii kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii
Ballaxuu Geetuu Waaqayoo waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyummaa Lakk Kaartaa isaa 223/2001 ta’e Magaalaa Shanoo ganda Odaa keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee kaaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka deebisu ta’ee, yoo kana ta’uu baate ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo	Aadde Araggashii Alamu Lakk. Nagahee 0167910 ta’ee maqaakootiin galmaa’ee jiru jiru na jalaa bade jedhanii waan iyyataniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti dhiyaatee yoo hin gabaasne abbaa qabeenyaa kana nagahee Kooppiin kan keessummeessinu ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Duukam	Waldaan Mana jireenyaa Gaadisaa Mogilee jedhaman Kaartaa Lakk. isaa L/00045/2011 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf waan gaafatanii qaamni sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 30 keessatti yoo hin dhiyaanne ta’e, kaartaa kan biraa baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa kutaa Magaala Galaan Guddaa
Firiyoot Yeshiigeetaa Maammoo waraqaa ragaa mirkaneessa abbaa qabiyummaa Lakk Kaartaa 102/2001 ta’e Magaalaa Shanoo ganda Odaa keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti akka deebisu ta’ee, kana yoo hin taane ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo	Darajjee Shifarraawu Nagahee Lakk. isaa 1879051, Lakk. Galmee M-99 kan ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii	Kaasaahuun Ayyaalewu Nagahee Lakk. isaa 1943789 ta’e na jalaa bade jechuun ragaan bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka bu’eesaa hojjennee kan laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo
	Gammachiis Bultoo Nagahee Lakk. isaa 1505810, Lakk. Galmee M-99 kan ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii	Amsaaluu Zannabaa Nagahee Lakk. isaa 1943794 ta’e na jalaa bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu’e akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Aadde Sagannat Naggaa mana jireenyaa Magaalaa Baatuu ganda Battallee keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 195/u/2593/94 kan ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta’uu baate kaartaa kan biraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu

Obbo Tsaggaanah Baritaa mana jireenyaa Magaalaa Baatuu ganda Battallee keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 195u/2590/93 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta’uu baate kaartaa kan biraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu

Beeksisa Caalbaasii

R/himattuun Aadde Maqidas Abbabaafi R/himatamaa Obbo Abdii Muzaayyiin faa nama2jidduu falmii jiru ilaalchisee qabeenya konkolaataa lakk. gabatee 3-45356 OR gosti konkolaataa Doolfiinii moodeelli isaa K LH22L ta’e barri oomishaa 1998 ta’e qabeenyummaan isaa kan R/Himatamaa Obbo Abdii Muzaayyiin gatii ka’uumsa caalbaasii qarshii 299,320.252 (kuma dhibba lamaafi kuma sagaltamii sagaliifi dhibba sadiif digdamaa fi saantima lama shan lama) ta’e irraa eegalee dorgomaa gatii olaanaa kennetti caalbaasii ifaatiin waan gurguramuuf gaafa guyyaa 22/08/2016 sa’aatii 3:00 hanga 6:00’tti waan gaggeeffamuuf namoonni bitachuuf fedhii qabdan qarshii caalbaasii ¼ gatii ka’uumsa caalbaasii qabattanii iddoo qabeenya kanaatti argamuun kan dandeessan ta’uu Manni murtii ajajeera. M/M/A/ K/M/Gujee

Obbo Seeyifudiin Arabootiif

B/jirtanitti

Himattuu Adde Balaayinash Laggasaafi Himatamaa isin jidduu falmii beenyaa miidhaa qaamaatiin jiru ilaalchisee himatamaan kun Mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/08/2016 waaree booda sa’aatii 8:00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeessitan, yoo hin dhiyeeffanne ta’e mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu bira darbamee bu’uura himannaatiin kan murtaa’u ta’uu Manni murtii ajajeera. M/M/ Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Tolosaa Kabbadaa Boggaalaatiif

B/Jirtanitti

Himattuu Adde Shukkaaree Simee Gaariifi Himatamaa isin jidduu falmii dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee, iyyattuun waamamaa waliin gaa’ela ragga’ee jirun qaba jechuudhan akka diigamuuf mana murtiitti isin himattee waan jirtuuf himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/07/2016 waaree booda sa’aatii 5:00 irratti dhiyaachuun akka hordoftan, yoo hin dhiyeeffanne bakka sin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Warra Jaarsoo

Aadde Angaatuu Lataa Nagahee Lakk. isaa 036019 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachuu baate, ragaa abbaa qabiyyee (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Aadde Warqinash Dagguu Nagahee Lakk. isaa 1505597 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Aadde Meeroon Yoonas wal-makaa Magaalaa Adaamaa ganda Gooroo keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 9303/2001 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa waan badeef kan biraa akka naaf kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan (kaartaan) kan biraa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

Obbo Caalaa Qajeelaatiif

B/Jirtanitti

Himataan Obbo Mahaammad Ahimad fi himatama isin gidduu falmii himannaa siivilii jiru ilaalchisee Mana murtii Ol’aanaa Godina Shawaa Bahaatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 25/07/2016tti waaree duraa sa’aatii 5:00 irratti Dhaddachaa siivilii 2:3 dhiyaattanii akka falmattan Manni murtii beeksiseera. Manni Murtii Ol-aanaa Godina shawaa Bahaa

ObboTamasgeen Tameessaa konkolaata Tiyoottaa lakk. gabatee isaa OR-03-87629, lakk. Shaansii. JT121UH6100009326 moodeela__Lakk. motoraa 2R2-0291104 ta’e lakk.__ta’e libreen na jalaa badeeraa kan biraa akka na kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 15 keessatti gabaasa gochuu yoo baate abbaa qabeenyaaf Libreen kan biraa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ibsina. Waajjira Geejjibaa Kutaa Magaalaa Furii

Abbabaa Abagidaa Nagahee lakk. Isaa 1888801 ta’e na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naaf kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e nagahee kan biraa baafachuu akka danda’an isin beeksifna. Waajjira Lafa kutaa Magaala Galaan Guddaa

Obbo Jamaal Fitiwiifi Obbo Shamsaddiin Ibraahim lakkoofsi Nagahee iddoo mana jireenya lakk. Isaa 962082 ta’e maqaa isaaniitiin murame waan nu jalaa badeef kan biraa akka nuuf kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e nagahee kan biraa baafachuu akka danda’an isin beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Dukkam

Obbo Saamu’eel Isheetuu Balaachowu Nagahee lakk.1435841/505083 ta’e maqaa isaaniitiin muramee kennameef na jalaa badee kan biraa akka naaf kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e, abbaa qabeenyaa tajaajila barbaadan nagahee coppiin kan keessumeessinu tahuu isin beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Dukkam

Obbo Ingidaa Gabirree Nagahee lakk. 1882579 ta’e maqaa Taadiyoos Kaasaa W/Giyoorgisiin galmaa’ee nuuf kanname nu jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka naa kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 30 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e nagahee kan biraa baafachuu akka danda’an isin beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa

Darajjee Muluugeetaa Nagahee mirriitii lafa mana jireenyaa lakk.183171 fi kaartaa lakk. Sul/2327/2002 ta’e maqaa isaaniitin galmaa’e na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa akka na kennamu jechuun waan gaafataniif qaamni ragaa kana sababa addaatiin harkaa qabu beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e kaartaa kan biraa kan kenninuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa

Obbo Abdii Reeduwaan Nagahee lakk.isaa 2514075 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaaf, nagahee kana namni idaadhaanis ta’ee haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun gaazeexaan maxxanfamee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu beeksifachuu yoo baate ragaa abbaa qabiyyummaa biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Wallagga

Obbo Daawwit Taaddasaafi Fadilaa Naasir kaartaan mana jireenyaa magaalaa Naqamtee kutaa bulchiinsa magaalaa Bakka Jamaa ganda 06 keessaa qabanii lakk.isaa 8584/WLMN114 ta’e pilaaniinsaafi waliigaltee liizii gaafa 8/10/2014 kennameef waliin na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf namni ragaalee kana arge ykn idaafi liqiin qabatee jiru yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, dhiyeessuu yoo baate haaraan kan bakka buufamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/Magaalaa Naqamtee

Obbo Tasammaa Tarrafaatiif

B/jirtanitti

Iyyattuu Masarat Dabaloo isin sababa tokko malee bakka jiraattan magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Calalaqii ganda 03 keessaa gaafa 18/2/2014 baatanii manatti hin deebi’iin waan haftaniif badinsi naaf haa mirkanaa’u jedhanii iyyataniiru. Kanaaf isin waamamaan iddoo jirtanirraa baallama gaafa 24/7/2016 sa’aa 4:00 irratti dhaddachatti akka dhiyaattan, yoo hin dhiyaattan ta’e bu’uura iyyataa iyyattuun badinsi kan mirkanaa’u ta’uu manni murtii ni beeksisa. M/M/Aanaa/M/Naqamtee

Obbo Darajjee Abdataa Onchoo mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 160, lakk.kaartaasaa Gimbii/2102/01/2001 ta’e Aadde Kabbabush Hirphootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Bu/Magaalaa Gimbii

Obbo Nuuraddiin Naasir mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu ballinnisaa M² 140, lakk.kaartaasaa 04/9548/2016 ta’e Obbo Amiir Nuuraddiin waliin qaban ga’eesaanii Obbo Amiir Nuuraddiin Naasiritti dabarsuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Bu/Magaalaa Gimbii

Aadde Balaayinash Guutamaa, Balaachoo Guutamaa, Yohaannis Guutamaa, Dinqinash Guutamaa, Tsahaayinash Guutamaa, Xurunash Guutamaa, Bookaa Guutamaa, Girmaa Guutamaa, Abdii Abataa Guutamaa, Gaaddisee Abataa Guutamaa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M²648, lakk. kaartaasaa 01/3020/01/2016 ta’e Efreem Guutamaa Amaarootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Bu/Magaalaa Gimbii

18	Kallacha Oromiyaa	Bitootessa 19 bara 2016
Obbo Addaamuu Daaqaa Goobanaafi Aadde Gaaddisee Tashoomee Bulaa mana daldalaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M²477.25, lakk.kaartaasaa C01/2306/2013 ta’e Obbo Gabri’eelTamasgeen Gannatiitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Bu/Magaalaa Gimbii	Asrassaash Hayilamaariyaam mana jireenyaa magaalaa Bubbeeganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 930/BMB/2016, ballinnisaa M² 200 ta’e Nigaatuu Mokonnonittigurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Magaalaa Bubbee	Bakka Bu’aa Aaddee Boggaalech Habtee Quxaanee kan ta’an Obbo Mulugeetaa Shifarraa Wadaajoo mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Bu/LA/1193/2000 ta’eefi bali`inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu Maqaa Aadde Boggaalech Habtee Quxaaneetiin galmaa’ee beekamu kaartaafi pilaaniin Orijinaalli isaa waan jalaa badeef namni ykn dhaabbatni arge ykn sababa garaa garaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti akka dhiyeessu jechaa kan hin dhiyaanne yoo ta’e, kaartaafi pilaanii haaraan kan hojjetamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo
Obbo Darajjee Dhaabaatiif B/jirtanitti Iyyattuu Aadde Shiibirree Dinbaasaa isin waamamaan abbaan manaa koo manaa ba’ee deebi’ee galuu waan dideef murtiin badisaa naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaaf isin kanuma beektanii bakka jirtanirraa baallama gaafa 26/7/2016 sa’aa 4:00 irratti mana murtiitti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/M/Naqamteetti Dh/Dhi/Hariiroo Hawaasaa	Waaqgaarii Waakkennee mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartaasaaM/J/7007/13, ballinnisaa M²200 ta’e Duulaa Faradaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtichi ni hayyamamaaf. W/L/Magaalaa Mandii	
Obbo Dhugaasaa Tasammaatiif B/jirtanitti Falmii siiviilii himattuu Alaminash Qana’aafi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaalchisee baallama gaafa 27/7/2016 sa’aa 4:00 irratti yeroo xumuraaf deebii keessan barreeffamaan qabattanii dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii barreeffamaan dhiyeeffachuu keessan bira darbamee bakka isin hin jirretti kan geggeeffamu ta’uufi gaa’elli keessan bakka isin hin jirretti kan diigamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Magaalaa Naqamteetti DH/Dhi/Hariiroo Hawaasaa	Obbo Caalii Habtaamuu mana jireenyaa magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Obbo Badhaasaa Sooriitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Magaalaa Biilaa	Aadde Waandhimnee Tarreessaa mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 6715/WMLLM/07 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 500M² irratti kan argamu maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Obbo Ibsaa Dheeressaatiif kennaa deebii hin qabnee kennanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo
Obbo Gammachuu Nagaasaatiif B/jirtanitti Garramuu Urgeessaa ol iyyata siiviilii isinirratti dhiyeessan galmeen qoratamee ni dhiyeessisa waan jedhameef falmii afaaniif baallama gaafa 27/7/2016 saatii 4:00 irratti akka dhiyaattan, kan hin dhiyaanne yoo ta’emmoo bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Ol/Go/Horroo Guduruu Wallaggaa	Galataa Nigaatuufi Daraartuu Nigaatuu kaartaan abbaa qabiyummaa lakk.isaa 930/BQLM/2014 lakk. addaa isaa 0015643 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti mormiin kan hin dhiyaanne yoo ta’e kaartaan haaraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/Lafaa Magaalaa Arjoo	Bakka Bu’aa Obbo Waaqjiraa Dhinaafi Aadde Xurunash Barkeessaa kan ta’an Obbo Kinfuu Waaqjiraa Dhinaa mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa WHGMDD/5296/05 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu Maqaa Obbo Waaqjiraa Dhinaatiin galmaa’ee beekamu kaartaa abbaa qabiyyummaa Orijinaalli isaa waan jalaa badeef namni ykn dhaabbatni arge ykn sababa garaa garaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti dhorkaa ragicha irraa qabdan ykn ragicha akka dhiyeessitan jechaa kan hin dhiyaanne yoo ta’e kaartaa fi pilaanii haaraan kan hojjetamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo
Aaarsoo Bafiqaaduu mana jireenyaasaanii magaalaa Gullisoo ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartaasaa Bul/M/Gullisoo/1346/2014, ballinnisaa M² 200 ta’e Gammachuu Araggaattigurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Magaalaa Gullisoo	Getaachoo Ligdii, Abarraash Ligdii, Ashabbir Ligdii, Taaffasachi Ligdii, Taaffasee Ligdiifi Tshahaayi Ligdii abbaan keenya Obbo Ligdii Tibbaa Amuumaafi haati keenya Aadde Aagituu Tuuchoo Waloo waan du’aniif manni jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Yabaloo keessatti argamu, ballinnisaa M² 350 ta’e maqaa abbaa keenyaatiin gibirri itti kaffalamu dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu keenya bu’uuruma manni murtii Aanaa Sayyoo lakkoofsa galmee 39455 irratti murteesseen gara maqaa keenyaatti nuuf haa jijjiiramu jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Magaalaa Danbidoolloo	Obbo Daawwit Tadasaafi Fadilaa Naasir magaalaa Naqamtee Ganda 06 keessaa mana jireenyaa kaartaa ragaa abbaa qabeenyumaa qabanii lakk. isaa 8584/WLMN/14 ta’eefi pilaaniifi waligaltee liizii kennameef waliin waan jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn idaafi liqiidhaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan hojjetamee kan bakka bu’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee
Gaaddisaa Bafiqaaduu mana jireenyaa magaalaa Gullisoo ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartaasaa Bul/M/Gul/1347/2014, ballinnisaa M² 200 ta’e Gammachuu Araggaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Magaalaa Gullisoo	Dirribaa Turaafi Aadde Ijjigaayyoo Olaanaa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 160, lakk.kaartaasaaM/J/001/778/91 ta’e Obbo Taarikuu Zaruu Kaasayeetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu yoo baate maqaan gara bitataatti ni jijjiiramaaf. W/L/Magaalaa Gimbii	Obbo Tafarraa Mulaatuu mana jireenyaa Lakk. Kaartaan isaa 860/BMB/2015 ta’ee magaalaa Bubbee ganda 01 keessaa lafa bal`innisaa 200M² irratti argamu dabarsanii Waaktolaa Ittafaatti gurguratchuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyoota hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee
Isihaaq Abdiisaa manasaanii magaalaa Gullisoo ganda 02 keessaa qaban lakk.isaa 1914, lakk. kaartaasaa Bul/M/Gullisoo1151/2013, ballinnisaa M² 200 ta’e Corroqee Bayyanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Magaalaa Gullisoo	Obbo Magarsaa Ayyaanaa Mullataa manni jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti argamu, lakk. kaartaasaa 2418/2010 ta’e maqaa Obbo Pheexiroos Caalii Fufaatiin galmaa’ee jiru bu’uura Manni Murtii Aanaa Najjoo lakk.glmee 29278n gaafa 11/6/2016 murteesseeffin gara maqaa kootti naaf haa jijjiiramu jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Bulchiisa Magaalaa Najjoo	Aadde Qoonjit Maammoofi Ifireem Xaasoo mana jireenyaa Lakk. Kaartaasaa 925/BMB/2016 ta’ee magaalaa Bubbee ganda 01 keessaa lafa bal`innasaa 200M² irratti argamu Obbo Asfaawuu Guuneefi Aadde Galaanee Taasisaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf waan gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyoota hojii 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee
Dirribaa Guutaa mana jireenyaa magaalaa Bubbeeganda 01 keessatti argamu lakk. Kaartaasaa 871/BMB/2015, ballinnisaa M² 200 ta’e Rattaa Ayyaanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Magaalaa Bubbee	Obbo Badhasaa Kabadee mana jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 04 keessatti argamu Lakk. Kaartaa M/J/2584/09 kan ta’e bal`innisaa 500M² irratti argamu Obbo Beeniyaam Kabadeetiif waan kennaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii	Aadde Qoonjit Maammoofi Ifireem Xaasoo mana mjireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 926/BMB/2016 ta’ee magaalaa Bubbee ganda 01 keessaa lafa bali`innisaa 300M² ta’erratti argamu Girmaayee Taayyeefi Dabalee Baabuutti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyoota 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Obbo Eebbaa Yaadasaa mana jireenyaa Magaalaa Mandii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa M/J/097/2010 ta’eefi bali`inni lafa isaa 200M² ta’e Aadde Ayyaanee Abdisaatiif kennuu waan barbaadaniif qaamni qabeenyicharraa mormii qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa eegalee hanga gaafa 29/7/2016 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mandii

Obbo Shuunnaa Birhaanuu mana jireenyaa Magaalaa Yuubdoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa 459/KT/2016 kan ta’ee balinni isaa 200M² ta’e keesaa 100M² Obbo Addisuu Buusaatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Kan hin dhiyaanne yoo ta’e gurgurtaa kan mirkaneessinu ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

Obbo Shuunnaa Birhaanuu mana jireenyaa Magaalaa Yuubdoo ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa 459/KT/2016 kan ta’e balinni isaa 200M² ta’e keesaa 100M² Obbo Surraa Xiqiitti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Kan hin dhiyaanne yoo ta’e gurgurtaa kan mirkaneessinu ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Yuubdoo

Obbo Taammiruu Tashoomaa mana Lakk. isaa 1892/2004 ta’ee magaalaa Aayiraa ganda 01 keessaa qaban Aadde Gannatii Eliyaasitti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, bultii 20 asitti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa

Obbo Lammeessaa Nagarii mana Lakk. isaa 353 ta’e Magaalaa Aayiraa ganda 01 keessaa qaban Aadde Balaayinash Calaatiif kenneeraaf waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 asitti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Ayiraa

Obbo Abiraaham Ittafaa mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee ganda 07 keessaa qaban kaartaan ragaa abbaa qabeenyumaa lakk. isaa 5606/WBIFLMN/1 ta’ee maqaasaaniitiin galmaa’ee beekamu waan jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn idaafi liqiin qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti raga kana qabatee dhiyaachuu yoo baate raga abbaa qabeenyummaa haaraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Haadha warraa nama amma lubbuun hin jirree(nama du’ee) Obbo Mitikkuu Goolee kan ta’an Aadde Askaalaa Haftesillaasee mana jireenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Yabaloo keessaa bal`ina lafaa kaaree meetira 500M² irratti argamu maqaa nama amma lubbuun hin jiree Obbo Mitikkuu Gooleetiin galmaa’ee beekamu bu`uura dhaaltummaa manni murtiitii murteesseefiin gara maqaasaaniitti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherraa jalqabee guyyaa 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Aadde Tigist Mangistuu mana jireenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Dolloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Bu/La/1425/200 ta’e bali`inni lafa isaa 185M² irratti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Dagaagoo Yiggazuutti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeessu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Obbo Taarikuu Warjii mana jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Dolloo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 661/T/91 ta’eefi bal`inni lafaa 300M² irratti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamurraa lafa ba`innisaa 140M² ta’e Obbo Dassaaleeny Taarikuutti gurguranii faayilli gara maqaa Obbo Dassaaleeny Taarikuutti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeessu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo

Bakka bu’aa Obbo Yohaannis Anbachaa kan ta’an Obbo Alamaayyoo Laggasee kan jedhaman mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 10223/WMMLM/2010 ta’e bali`inni lafa isaa 210M² irratti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Alamaayyoo Laggaseetti waan gurguraniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Dhaabbata amanataa Waldaa Kirstoos Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchinsa Bakke Jamaa keesstti kan argamu ragaa abbaa qabeenyumaa lakk. isaa 1500/kw/93 ta’ee galmaa’e beekamu oriijanaallisaa waan jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn idaafi liqiidhaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan hojjetamee kan bakka bu’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Iddoosaa Bulguu Buulloo mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee Ganda 07 keessaa Piilaaniisaa hojjetamee kennameefii maqaasaanitiin galmaa’ee beekamu waan jalaa badeef, namni arge ykn idaafi liqiidhaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessatti qabatee yoo hin dhiyaanne haaraan hojjetamee kan bakka bu’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Obbo Kanarraa Lamuu mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban bali`ina lafaa 500M² ta’e irratti argamu karaa bakka bu’oota isaanii Aaddee Burtukaan Kanarraa Lamuu dabarsanii Waldaa G/W/Lakk. 3^{ffaa}tti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Amantii Abirhaam Oljirraa mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK01/191/2015 ta’e bali`ina lafaa 200M² ta’e irratti argamu dabarsanii Obbo Bulchaa Qabeessaa Faradaatti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Bungulee Raggaassa magaalaa Naqamtee Ganda Bakkanniisa Qasee kan ta’an maqaa nama amma lubbuun hin jiree (nama du’ee) abbaan warraa Beekumaa Gaariitiin garaa abbaa qabeenyummaa (kartaa) Lakk. 731/፬፮/83tiin galmaa’ee beekamuu waan jalaa badeef, namni ragaa kana arge ykn idaafi liqiidhaan qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyeessu, yoo hin dhiyeessine haaraan hojjetamee kan bakka bu’uuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Ahimad Hasan Bashiriif B/jirtanitti Iyyattuun Zayituunaa Hajimahammadnuurfi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 01/08/2016 sa’atii 3:20irratti akka dhiyaattan ni beeksifna. M/M/A/Gimbii.

Tasfaayyee Baayyoo Awaajiitiif B/jirtanitti Iyyattuu Hundattuu Baqqalaa Shuramoofi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 01/08/2016 sa’atii 4:00 irratti akka dhiyaattan ni beeksifna. M/M/A/Gimbii.

Haaroon Abdullaahii Barkeessaatiif B/jirtanitti Iyyattuun Maariyaam Bantii Dhoksaafi waamamaa isin jidduu waa’ee murtii badiinsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waan himatamtaniif beellama gaafa 01/08/2016 sa’atii 8:00 irratti akka dhiyaattan ni beeksifna. M/M/A/Gimbii.

Obbo Duulaa Tamasgeen Galataa mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 01 keessatti argamu lakkoobsi manaa duriin 01-1222 ta’eefi lakk. kaartaa 2489/2010 ta’e Obbo Daani’eel Darasuutti karaa bakka bu’aa isaanii Aadde Sannaa’ee Fufaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haadhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Najjoo

Aadde Iftuu Waaqjiraatiif **B/jirtanitti** Himataan Dr.Magarsaa Dhiinsaafi himatamtuu isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamtuun kun Mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 24/07/2016 waaree dura sa’aatii 4:00 irratti yeroo xumuraaf deebii barreeffamaa qabattanii dhiyaattanii akka falmattan, yoo dhiyaattanii hin falmattan taanaan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti gaggeeffamuu fi gaa’illi keessan bakka isin jirretti kan diiggamu ta’uu manni manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Bashaatuu Dinagdee mana jireenyaa Magaalaa Naqamtee ganda B/Jamaa(06) keessaa Lakk Kaartaa.isaa 6892/WBIFLMN/14 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf raga (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee

Obbo Maatiwoos Waaqjiraa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessaa Lakk.Kaartaa isaa Bul/Mag/Gull/1729 fi lakk. Kaartaa Bul/Mag/Gull/1730/2016 bal`inni lafaa 82.8m² fi 100m² ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Aadde Atsadee Biyyanaatiif dhaaltummaan waan kennaniif jijjiirraan akka raawwatamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate kennaan kun kan raawwatamu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

Aadde Meetii Dabalaa mana jireenyaa magaala Gullisoo ganda 01 keessaa qaban lakk. isaa 4049 fi lakk kaartaa Bul /Mag/Gul /1734/2016 ta’ee ballina lafaa 340 irratti argamu Aadde Muluu Ittaanaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ta’ee ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

Obbo Taammiruu Tarreessaa mana jireenya magaala Gullisoo ganda 02 keessaa qaban lakk.manaisaa Isaa 1332 fi lakk kaartaa Bul /Mag/Gul /1053/2012 ta’ee ballina lafaa 200m ² irratti argamu Obbo Zalaalem Daggafaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo

Aadde Addaamituu Ittaanaa mana jireenya Magaalaa Calliyaa ganda 01 keessaa qaban ballina lafaa 200M² irratti argamu Obbo Taayyee Dhuunfaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Calliyaa.





Ispoortii



Tapha shaampiyoonummaa baranaa murteessu

Taphni Piriimiyeer Liigii Ingiliz torban lamaaf sababa tapha michoomaa biyyaaleessaaf adda citee ture sanbata kana wayita deebi'u tapha shaampiyoonummaa baranaa murteessuu danda'u keessummeessa.

Taphni guutummaa addunyaatti hawwii guddaan eegamuufi kilaba shaampiyoonaa ta'a jedhame agarsiisuu danda'a jedhame kuni dirree Etihaad irratti Dilbata dhufu gaggeeffama.

Piriimiyeer Liigiin Ingiliz bara kanaa 2023/24 morkii cimaa keessummeessaa jiruun wayita taphni 10 hafee jirutti ykn torbee 29ffaan Dilbata dhufu adeemsifamutti kilaboonni sadii shaampiyoonummaaf kokkee wal qabuun imalaa jiru.

Kilaboonni sadan kunneen gahumsa agarsiisaa jiraniin kan shaampiyoonaa ta'u tilmaamuuf rakkisaa ta'eera. Taphni torbee 29ffaa kilaboota shaampiyoonummaaf morkatan lamaan gidduutti taasifamu garuu kilaba shaampiyoonaa ta'uu danda'u kan adda baasuu danda'udha jedhamaa jira.


Liigichaan torbee lama dura taphni Liiver Puuliifi Maanchister gidduutti taasifame Arsenaaliifi carraa guddaa fidee kan dhufe ture. Sababnisaa kilaboonni lamaan sadarkaa 1 ffaafi 2ffaarra osoo jiranii walitti dhufuubsanii Arsenaaliin fayyadeera. Taphicha wal qixa tokkoofi tokkoon xumuruusaaniitiin Arsenaal tapha Bireentiford waliin taphate injifachuun sadarkaa 3ffaarraa tokkoffaarra taa'uu danda'eera.

Tapha iftaanii Maanchister Siitiin Arsenaaliin dirreesaa Itihaad irratti keessummeessa. Kilaboonni lamaan garaagarummaa qabxii tokkoon sadarkaa tokkoffaafi sadaffaarratti argamu. Arsenaal Liigicha qabxii 64 wayita dursu Siitiin 63n sadaffaarratti argama. Liiver Puul Arsenaaliin garaagarummaa gooliin caalamuun qabxii wal fakkaataa 64n sadarkaa lammaffaarratti argama.

Akkuma torban lamaan darbe wayita Liiver Puuliifi Siitiin taphatan Arsenaal gidduun fayyadamuun sadarkaasaa fooyyeffachuun tokkoffaarra taa'uu danda'e tapha torbee kanaan Liiver Puul carraa sadarkaasaa fooyyeffachuun tokkoffaarra taa'uu argachuu ni danda'a. Kun kaninni ta'u yoo taphni Siitiifi Arsenaal qixa xumuramee Liiver Puulimmoo injifatedha.

Liiver Puul dirreesaa Anfiilditti Biraayitaniin keessummeessa. Ni injifatas jedhamee eegama.

Dirreesaa Itihaadirratti kan taphatu Gareen Gaardiyoolaa Maanchister Siitiin taphicha injifachuuf tilmaama olaanaa argateera. Sababnisaa seenaa kanaan dura tureen dirreesaarratti haala salphaa ta'een injifachuu amaleeffachuusaatiin.



Dabalataanis carraa dirreesaarratti argate kanaan morkataa cimaa bara kanaa Arsenaaliin injifachuun daandii shaampiyoonummaaf isaan hafuu kan salphisuufidha.

Seenaan kana ta'us gareen Maayikil Arteettaa Arsenaal akka baroota darbanii kilaba salphaatti injifatamu miti. Gahumsa agarsiisaa jiruun kilaba kamiiniyyuu gahumsa injifachuu danda'anirra jiraachuunsanii taphicha tilmaamuuf rakkisaa taasiseera. Bara darbe liigicha torbanoota heedduuf dursuun shaampiyoonaa ni ta'u jedhamanii utuu eegamanii dhuma jala haala hin eegamneen injifatamuufi qixa bahuun carraa waggaa dheeraa booda shaampiyoonaa ta'uuf harkasaanii seene ture dhabuunsanii ni yaadatama.

Bara kana garuu kilabichi hanqinoota kanaan dura qabu furachuun carraa shaampiyoonummaa bara darbe dhabe barana gonfachuuf imalasaa tolfachuun gahumsaan fuulduratti tarkaanfachaa jira. Gaardiyoolaanis gahumsa kilabichaa amanuun shaampiyoonummaaf tilmaama duraa kenneeraaf. Taphichis shaampiyoonaa bara kanaa kan murteessu waan ta'eef carraa deeggartootasaanii duratti taphachuutti fayyadamuun injifachuuf akka qophaa'an himeera.

Maayikil Arteettaan dirree shaampiyoonii Piriimiyeer Liigiifi Shaampiyoonsi Liigii Awurooppaa Itihaadirratti falmiin taasifamu ulfaataa ta'us gahumsa taphattootasaaniitti abdachuun injifannoon deebi'uuf qophii taasisuu dubbatu.

Kilaboonni shaampiyoonummaaf kokkee wal qabani jiran lamaan yeroo kanatti walitti dhufuunsanii gamanumaa shaampiyoonaa kan ta'u taphicha kan injifatu waan ta'uuf addunyaa guutuutu qalbiin eegaa jira. Kilaboonni sadanuu taphoota hafaniif hunda injifachuu qofatu gonfoo injifannoo isaan gonfachiisa. Kanaaftaphoonni hafan hundi akka tapha waancaatti ilaalamu.

Kilaboonni sadanuu taphni hafuuf ulfaataa ta'uun hanga xumuraatti taphoota hafan eeguun dirqama waan ta'u fakkaata.

Leenjiisaan Maanchister Siitii Jooseef Peeppi Gaardiyoolaan liigii ulfaataa kana walitti aansuun yeroo sadii injifachuun seenaa galmeessisan bara kana waggaa afraffaaf itti fufuun seenaa haaraa galmeessisuuf imala tolfatanii fuulduratti kaachaa jiru. Milkeessuudhaafis morkattoota ciccimoo lamaan Jergen Kilooppiifi Arteettaan daandiisaanii gubbaatti argamu, kana irra aanuuf muuxannoo qabaniifi xiinsammuu shaampiyoonummaa horatan abdataniiru.

Arsenaalimmoo seenaafi olaantummaa Arsen Weenger waliin Emereets irraa godaane deebisuuf dursummaa

taphataasaa duraanii Weengeriifi Gaardiyoolaa jalatti qarameefi taphattoota dargaggeeyyii dandeettii qaban, fiigani hin dadhabneefi dheebuu injifannoo qabaniin waancaa Piriimiyeer Liigii waggaa 20 booda kaazinaa kilabichaatti deebisuuf kutannoofi kaka'umsa olaanaan falmachuurratti argamu.

Gama biraatiin gareen Kilooppi Liiver Puul olaantummaa waggoota sadan darban Maanchister Siitiin dhaban bara kana irra aanuun shaampiyoonaa ta'uun Kilooppiin kabajaan gaggeessuuf falmii ijibbaataa taasisuurratti argamu.

Egaa liigichi bara kana sababoota kenneeniifi kan biroon morkii waggoota muraasa gidduutti agree hin beekne keessummeessaa jira. Carraan sadanuu shaampiyoonaa ta'uuf qabanimmoo kan wal madaalu ta'uunsaa daawwattootaafi jaallattoota kubbaa miilaa daran kan bashannansiisu ta'uun bara xumura dorgommii bara kanaa hawwiin akka eegamu taasiseera.

Piriimiyeer Liigii addunyaarratti jaallatamummaa guddaa qabu kana barana dargaggoota Arsenaaliifi Maayikil Arteettaatu ongee waggaa 20 Emereetsiitti xumura taasisamoo raayyaa Gaardiyoolaa xiinsammuu injifannoo gonfatetu yeroo afraffaaf shaampiyoonaa ta'uun seenaa haaraa galmeessisamoo Anfiilditu waancaa Piriimiyeer liigii injifachuun imala Gaardiyoolaatti xumura taasisuun Jergen Kilooppiin kabajaan gaggeessa? Taphoota torban kudhanii hafanitu deebisa!